

Egeree Mana Dhirsa Misirroo Waaqarraa Fi Misirroo Lafarraa

Jeffersonville, Indiana, USA

64-0802

1 Yeroo muraasaaf akkuma garaa keenya Waaqayyo duratti gadi qabannetti dhaabbannee haa turru.

Abbaa keenya isa waaqarraa, har'a maqaa Gooftaa Yesuusiin walitti qabamnee carraa asitti argamuu argenneef Si galateeffanna. Xiyyeeffannoo keenya gara wantoota bara baraa fi gara jireenya isa du'aaa kana bira darbee jiruutti akka deebisinuuf, cubbuu keenya akka nuuf dhiiftuuf Si kadhanna. Amma, kallattii Kee, akkamitti akka achitti galagaluu qabnu, gara fuulduraatti, yeroo ammaattis iddoo abdachiifamne sana argachuuf maal gochuu akka qabnu akka beeknuuf kallaattii Kee akka nuuf laattuuf Si kadhanna.

Biyya kana keessa kan dhukkubsatanii fi rakkatan baay'eedha, imala isaaniis hin xumurre. Diinni keenya guddaan immoo—diina keenya qofa osoo hin taane, diinni Kee—isaan rukutuuf jireenya isaanii dhaabuufi gara awwaala yeroo maleetti erguuf dhufeera. Har'a immoo yaa Gooftaa, araaraa fi ayyaana Keetiin guyyoota isaanii yeroo murtaa'etti akka dheeressituuf isaaniiif Si kadhanna.

2 Waltajjii fi minjaala kanarra kaa'amee kan jiru huccuun dafqaa fi waraqaa maramaan ... galmoota keessaa fi iddoowwan naannoo kanaa keessa sireerra ciisaanii kan jiran, sireedhaan baatamanii kan dhufan—dhukkubsattoonnii fi dhibamtoonni—namoota gidduu dhaabachuuf illee humna ga'aa qabaachuu hin dandeenye.

Yaa Waaqayyo bara baraa, yaa eebbifama, kadhannaa keenya ganama kanaa karaa dhiiga Gooftaa Yesuusiin nuuf dhaga'I; jal'ina keenya ilaaluu utuu hin taane, Inni bakka keenya akka dhaabate beekuu, akkasumas Inni kadhannaa kanaaf nu bakka bu'aa jiru dha. Tokkoon tokkoon namaa ulfina keetiif haa fayyu yaa Gooftaa.

Yeroo dhukkubsattoota irra kaa'am isaan haa fayyaniif, huccuu dafqaa kana eebbisi.

Amma yaa Abbaa, hamma tajaajila fayyisuu guddaatu hordofa jennee eegnutti, karaa Sagalee keetiin maal gochuu akka qabnu akka beeknuuf karaa jireenyaa nuuf cirri yaa Gooftaa. Maqaa Yesuusii Si kadhannaa. Ameen.

3 Yeroo hundumaa kun mirga koo isa ol aanaa keessaa tokko mana Waaqayyoo keessa jiraachuu fi saba isaatti dubbachuu dha. Ammas, baay'ee walitti rukkattanii akka jirtan nan beeka, akkasumas barumsa baay'ee dheeraa ta'en qaba. Kanaafuu, hanga ergaa sana xumurrutti, hamma danda'ametti, mijitaa akka isiniif ta'u nan amana.

4 Amma, bulluqatu jira, garuu to'attuu qilleensaa (air conditioner) kanaaf in galateeffanna. Garuu namoota hamma kanaa to'attuun qilleensa to'atu hin jiru ture, hamma kana kunuunsuu hin danda'u, argitanii, sababiin isaas qaamni keessan ofii isaatii yuunuutii gara digirii sagaltamii saddeetiitti maddisiisa, akkasumas walitti fufiinsa ho'a maddisiisaa jira—walitti siqxaanii taa'aa waan jirtaniif... Garuu Waaqayyo akkauma danda'etti mijataa akka isiniif godhu nan amana.

5 Akkasumas yeroo walga'ii akkanaa keessa jirru.... Osoo isin hin gargaaru ta'ee, osoo waan gaarii isiniif hin godhu jettanii yaaddu ta'ee, osoo faayidaa nuuf hin qabu jettanii yaaddu ta'ee—dhufuudhaa keessan, silaa as hin dhufan jedheen yaada. Achiis, kana gochuuf yeroo dheeraa akka hin qabne beekke, gara sa'aatii gara cufiinsaatti dhufaa akka jirru, akkasumas yeroon hundumaa mootummaa Isaatiif lakkaa'amuu akka danda'u gochuu nan barbaada.

Ammas, Waaqayyo Gooftaan yeroo walgeenyutti akka nu eebbisu amana.

6 Ani isin galateeffachuun barbaada. Kaleessa bakka adda addaa deemaan ture, dhukkubsattootaa fi warra rakkatan tokko tokko mooteelaota (motels) keessatti arguuf ba'ee, torban kana keessa hooggantoota tokko tokkoo wajjin wal arguu danda'eera—bakka nyaataa tokko tokko. Akka isan torban kana gara Ranch House tti deemee tureeti, asitti, hoogganaan immoo yeroo jalqabnu harka na fuudhee ture. Innis.... Obboleessa koo Branhaam jedhee na waame. Akkamitti akka na bare nan dinqifadhe.

Itti fufees ... naan jedhe. "Ati hoogganaadhaa?" jedheen gaafadhe.

"An abbaa qabeenyaa ti" naan jedhe. Achumaanis, "Eeyyee, namoonni kee gara kana gadi dhufanii asii nyaatu" naan jedhe. "Isaan...." Jedhe.

Anis immoo, "Ba'eessa, walitti heddummatanii si rakkisaniiru jedheen yaada" jedheen.

Innis, "Yaa gooftaa, takkaa tuuta namoota gaggaarii akka isaanii takkaa hin argine" naan jedhe.

7 Kaleessa shamarreen waliin haasa'uu barbaadu tokko arguuf gara mooteela tokkoo dhaqeen ture (abbaa fi haati ishee achitti argamu), kutaa isaan keessa jiran beekuuf gara hoogganaa dhaquun qaban ture.

Inni, "Ati Obbolleessoo Biraanhaamii?" naan jedhe. (Sun ol gubbaa O'aaksitti ture.)

Anis, "Eeyyee, obbo" jedheen deebiseef.

"Harka si qabuun barbaada" naan jedhe.

Inni... (Haadha manaa isaa wajjin wal na barsiise, isaan haadha manaa fi abbaa manaa baay'ee namatti tolanidha.) "Namoni mooteela kana keessa jiru hunduu tajaajiloota kee hordofaa jiru. Dursinee bakka isaaniif qabne" naan jedhan. Itti fufaniis, "Maamiloota keenya warra kaan hundumaa ni dhowwanne" naan jedhan.

Ani immoo, "Kana gochuu keessaniif isin nan galateeffadha" jedheen.

Innis, "Obboleessa koo Biraanhaam, namoota baay'ee namatti tolan ani arge keessaa tokko, namoota asitti ol ba'an keessaa, kanneen walga'ii kee irratti argamanidha" naan jedhe.

8 Halkan edaa hiriyyaa koo tokko, obbo Beekar as gaditti argamu bira deemeen ture, ... yeroo hundaa saandiiwii isaa nan jaalladhan ture. Inni nama akka ... yeroon mucaa xinnaa turen isa bare; umurii koo guutuu isa beekan ture. Haati manaa fi abbaan manaa tokko asii gadi bakka durii, as gadi Hoteela Riivarsaayid taa'anii turan. Kanaaf isaan ... obbo Beekar, "Biilii" naan jedhan.

Anis, "Homeer Maali?"n jedheen. (Dhugumaan akka gaariitti wal beekna.)

Innis, "Ani namoota kee achi keessaa hunda nan nan nyaachisa" naan jedhe. Dilbata yeroo hundaa namoota gara dhibba lamaa ykn waan akkasiitu bakka sanaa, Biluu Booriidhaa nyaata. Akkasumas bakkan deemu hundatti yaada akkam namatti tolun dhaga'a. Namni kun, "Gajjallaan sun, Riiverviutuutti bakki hunduu namoota walga'ii kana hirmaataniin qabameera" naan jedhe. "Dhibbaan kan lakkaa'aman waan ta'aniif ol seenuuf iddoo hin argatan" naan jedhe.

9 Egaa anaaf akkas ta'uu keef ati soogidda lafaati. Namootatti lallabuuf carraa akkan qabu beekuu koof baay'een galateeffadha, cubbamootaa fi namootaaf illee—namoonni kun cubbamoota hin jedhu, garuu namoota—daldalaa fi kkf, warra isin namoota gaggaariidha nuun jedhaniin, akkasumas iddoo hojii isaaniitti si dinqisiifatu warra naan jedhamaniin jechuu koo ti. Beektuu, sun soogidda ta'uu dha. Amala keessan, akkaataa ati waan tokko itti kunuunsitan nan dinqisiifadha.

Yeroo hundumaa akkas jedheen ture, "Namni tokko ol seenee maallaqa kaffalatu hin qabu yoo ta'e, ol naaf bilbili" jedheen ture. Argitanii? Anis, "Waan tokko ni goona"n jedheen. Anis, "Yeroo hunda qarshii qabaatanis qabaachuu baatanis isaan nyaachisi"n jedheen. Ilaalaa, wanta fedhe gochuun ni danda'ama.

Ijoollee koo akka taatan natti dhaga'ama. Isin urjiilee warra... Yoon yoomiyyuu tokko qabaadhe yeroon achi ga'u, isin faaya sana, qaama faaya gonfoo tajaajila kootii irraa hundarra calaqqisu sana taatu.

10 Akkasumas yeroo darban keessa waa'ee mallattoowwan torbanii, waa'ee baroota waldaa fi waa'ee wantoota raawwatamanii isinitti himaan ture, akkasumas... Amma, ganama kana, mata-duree baay'ee barbaachisaa ta'e tokkon qaba. Inni anaaf waan baay'ee eebbifamaa ta'edha, akkasuma akka inni laphee keessanitti bu'u abdiin qaba. Osoo akkaataa kaka'umsa ani itti fudhadhe qofaan isinnif kennuu danda'ee—ajaa'iba ta'a, garuu sana gochuun kan Waaqayyoo ti.

11 Ani waa'ee eessattii fi maaltu akka ta'aa jiruu isinitti himaan ture, wanti kun hundis raawwatamuu isaa ni argina.

Amma ganama kana "Egeree Mana Dhirsa Misirroo Waaqarraa fi Misirroo Lafarraa" jedhu irratti dubbachaa jirra: iddoo isaan jiraachuu deeman. Akkasumas... Ayyaana Waaqayyootiin hundi keenya qaama dinagdee guddaa Waaqayyoo sana akka taane nan amana.

12 Amma immoo, akka isin na duukaa butan nan amana. Macaafa Qulqulluu keessan, qalama keessan, ykn waanuma gootan kamiyyuu akka na waliin dubbistan godhaa sababiin isaas ani Caaffata Qulqullaa'oo baay'ee eeruuf waanan jiruuf, yeroo ga'aa ta'e qabaannee gara kadhannaa dhukkubsattootaatti darbuuf akka yaalluuf. Anis akkas jedhee waadaa galeen ture. Yeroo xiqqoodhaaf kutaalee fi naannoo sana keessatti warra gargaarsa dhabanii fi warra qarqara abdii kutannaa irra ga'aniif kadhachaa turre. Akkasumas, yoo fedha Gooftaa ta'e, tarii tajaajila biraa gaafa kudha ja'aatti qabaachuun koo hin oolu, tarii dhukkubsattootaaf kadhachuu qofaaf.

13 Boqonnaa koo ammuman jalqaba; erga baatii Amajjii darbee imalaa tureen asitti deebi'aa jira (ani akks gochuufan jira ... ganama borii maatii koo gara Tuksan geessuun qaba), achiis deebi'ee hiriyoota koo waliin Kentaakii keessatti yeroo dabarsuuf as gaditti nan deebi'a, adamoo adamsuuf—kudha afran tokkoof ykn tarii guyyaa torbaaf, saddeetiif, kudhaniif, waanuma fedheef 'squirrel' adamsuuf nan dhaqa; Gooftaan gara biraatti yoo na geggeesse malee.

Bakka kam akka deemtan ani gonkumaa hin beeku; sun harka Waaqayyoo waan jiruuf gonkumaa hin beeknu—Waaqayyo duwwaadha.

14 Amma mata duree guddaa kanaaf, nuti—yeroo koo kana irratti yoon fudhadhe (sababiin isaa waan baay'ee fiduun qaba waan ta'eef) torbanoota natti fudhata jedheen yaada. Garuu ani caqasoota tokko tokko, yaadannoo tokko tokko, bakka itti qo'achuu isin dandeessisutti waan ijoo isaa tuquuf qofa barreesseen jira.

Achiis yeroo dhi'ootti, tarii fedha Gooftaa yoo ta'e, Onkoloolessa keessa, yoom akka ta'e hin beeku, yeroo Inni mijeessu hundumaatti Mula'ta boaoqonnaa 12ffaa kanaa wajjin walitti hidhuuf guyyoota muraasa qabaachuu nan barbaada. Oo, inni waan guddaa ta'a jedheen amana. Inni utuu ta'ee—akkamitti akka Inni hojjete ilaaluun baay'ee gaarii ta'a.

15 Ergasii nuti walitti dhufaa jirra... Amma, halkan edaa dubbadheera—"Ni beektu, yeroon ... ganama ... " jedheen ture. Akkuma ganama hundumaa, "Yeroon asii gadi ba'u ani hiriyoota koo hundumaaf beekamtii kennuufan deema" jedheen yaada. Amma, akkamittan gochuuf deema?

Asitti isin qabaachuu kootiif: akkuma hiriyyaa koo gaarii Dr, Lee Vayle, as duuba taa'ee jiruu; haadha manaa isaa fi intala isaa jaallatamtuu; fi obboleessa keenya Rooy Borders; akkasumas obboleessa keenya Ruudeel nan yaadadha; obboleessa keenya Biilaar; obboleessa keenya Paalmar; fi obboleessa keenya Jaaksan—Oo, obboloota jaallatamoo kutaa adda addaa hundumaa irraa dhufan; Obboleessa keenya Antoonii Miilaanoo, fi (oo, bakka ilaaltan hundumaatti nama ta'e tokko argitu) Obboleessa Ankaarsas irraa dhufte (maqaa isaanii nan dagadhe)—obboleessa keenya Joon, obboleessa keenya Earl Maartiin; obboleessa keenya Bleer; fi—Oo, hedduutu jiru—waamee fixuu hin danda'u, ilaalaa. Garee akkasii yeroon Sagalee Waaqayyoo barsiisu naannoo kootti walitti qabamanii argachuu kootti baay'een gammada—isaan namoota ani goota, namoota Waaqayyoo warra dhugaati jedhee yaadudha.

16 Godoo qulqullaa'aa xiqqoo kanaaf nan galateeffadha. Balballi isaa shanan uummataaf banaa ta'uu isaatiif galata guddaan qaba. Tokkoon tokkoon balabala... Diyaaqonoota afur asii qabna, namoota (dhiirota) Hafuuraan guutamana; namootaa imaanaas (trustees) afur asii qabna, namoota Hafuuraan guutamana. Sunis tokkoon tokkoon balabalaa irratti namoota lama lama qabna jechuu dha. Akksumas balballi dachaa fuuldura isaa paastaroota lamaanii, tiksootaan qabameera. Isin qabaachuu keenyatti gammadneerra. Kanaaf Waaqayyoof galata guddaan qaba. Inni yoomiyyuu isin haa eebbisu.

17 Amma yeroo muraasaaf dhaabannee, Ergaa Pheexiroos Isa Lammaaffaa Boqonnaa 3ffaa, akkasumas Macaafa Mul'ataa Boqonnaa 21ffaa akka dubbafinnu nan barbaada.

Akkuma dhaabannee jirrutti, yaa Gooftaa sababa dubbisa Dubbii Keetiin garaa keenya gammachuudhaan guuti; isa Yesuus, "Waaqnii fi lafti darbuuf jiru; dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu" in beekna. Ammas immoo isa Inni, "Wanti caaffanni qulqullaa'oon jedhan raawwatamuun in ta'a" jedhes in beekna.

Wantoota kana yommuu dubbifnu hubannoon sa'aatii keessa jirruu Si biraa nuuf haa kennamu. Maqaa Yesuus, barreessaa Macaafichaatiin Si kadhannaa. Ameen.

18 Michoota ko! Ani amma ergaa lammaffaa isiniif caafuu koo ti; isaan keessatti isin yaadachiisee yaada keessan isa qulqulla'aa nan dammaqsa,

Wanta raajonni qulqullaa'onni duraan dursanii dubbatan, abboommii gooftaa keenyaa fi fayyisaa keenyaa isa karaa ergamoota warra isiniif hojjetanii argattan yaadadhaa.

Guyyoota gara dhumaatti ga'iftoonni akka kajeellaa foon isaaniitti jiraatan ka'uuf akka jiran, duraan dursaatii beekaa! Isaan isiniitti ga'isuudhaan,

"Deebi'ee dhufuun isaa abdachiifamee ture mitii? [Sun dubartii hin amanee kanaa wajjin wal irra hin buune taanaan....] Meerree kan raawwatame ree? Erga abboonni keemya iyyuu du'anii, wanti hundinuus akkuma yeroo biyyi lafaa uumameetti hafee in jiraata" in jedhu.

Jarri kun bantiwwan waaqaa durii jalqabanii akka uumaman, laftis sagalee Waaqayyootiin bishaaniin uumamee, bishaan keessaas ba'uu isaa yaadachuu dadhaban,

Bishaanuma sanaan immoo biyyi lafaa inni yeroo sana ture sun liqinfamee akka balleeffame hin yaadanne,

Bantiwwan waaqaa fi lafti, warri amma jiran kun immoo sagalee Waaqayyoo sanaan ibiddaan balleeffamuudhaaf qopheeffamanii, hamma guyyaa warri Waaqayyo malee jiraatan firdii argatanii badanitti kaa'amanii jiru.

Michoota ko! Guyyaan tokko goofticha biratti akka waggaa kumaa, waggaan kumnis akka guyyaa tokkoo ta'uu isaa yaadatti qabadhaa!

Gooftaan wanta abdachiise raawwachuudhaaf hin seesu; akka namoonni tokko seesuutti isa lakkaa'an miti. Inni, namoonni hundinuu yaada garaa isaanii akka geeddaratan malee, garri tokko iyyuu akka badan waan hin barbaanneef obsaan isiniif in danda'a.

Guyyaan gooftaa immoo akka hattuun dhufutti in dhufa; guyyaa sanatti bantiiwwan waaqaa sagalee guddisee didichuun in dhidhimu; ijoon uumama lubbuu hin qabne hundinuu ho'a ibiddaatiin wal in gad dhiisa; lafti, wanti isa irratti hojjetame hundinuus, gubatanii in badu.

Wanti kun hundinuu akkasitti wal in gad dhiisa erga ta'ee, isin namoota attamii ta'uutu isiniif ta'a ree? Jireenya qullaa'aa, jireenya namoota Waaqayyoo ta'u jiraachuun isin irra jira.

Akkasitti jiraattanii dhufa guyyaa Waaqayyoo in eeggattu, isaafis ariifattanii in hojjetu. Guyyaa sanaafis bantiiwwan waaqaa ibiddaan gubatanii wal in gad dhiisu; ijoon uumama lubbuu hin qabne hundinuus ho'a ibiddaatiin in baqa.

Nuyi garuu akka abdii inni nuuf kenneetti, bantiiwwan waaqaa haaraa, lafa haaraas warra qajeelummaan keessa buufatu in eegganna.

Kanaafis michoota ko; isaan kana eeggachaa, warra xurii fi mudaa hin qabne taatanii, Waaqayyoo wajjin nagaa qabaattanii akka argamtaniif dhama'aa!

Gooftaan obsaan isiniif danda'uu isaa, fayyinaaf karaa isiniif kennuu isaatti lakkaa'adhaa! Obboleessi keenya Phaawulos inni jaallatamaan ogummaa Waaqayyoo isaaf kenneen waa'ee isaatiif isiniif caafeera.

Inni ergaa isaa hundumaa keessatti waa'ee dubbii kanaaf yeroo caafu akkuma kana in dubbata, Ergaa isaa keessa illee wanti hubachuun nama dhibu tokko tokko jira; isa kanas warri wallaalonni, warri waanuma argan qabanii gadi dhiisan, akkuma caaffata qulqullaa'aa isa kaanis jal'isan, badiisaaf akka isaanitti ta'utti hiika isaa in micciiru.

Isin garuu michoota ko, isa kana duraan dursitanii beektaniittu; kanaafis irraa kaachuu warra seera Waaqayyoo hin eegneetiin fudhatamtanii sokkitanii, isa jabeessitanii qabattan irraa akka hin kufneef of eeggadhaa!

Ayyaana Gooftaa keenyaatti; fayyisaa keenya Yesus Kristosin beekuuttis guddadhaa! Bara si'anaatti guyyaa bara baraattis isaaf ulfinni haa ta'u! Ameen.

19 Amma Mul'ata Kiristoos keessaa, boqonnaa 21ffaa keessaa dubbiiwwan kana nan dubbisa:

Kana booddees, ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge; bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi'ee hin argamu.

Yerusaalem mandarri qulqullittiin isheen haaraan, Waaqayyoo biraa bantii waaqaa keessaa, akka misirroo dhirsa isheetiif, kuulamteetti, qophooftuu utuu gad buutuu nan arge.

Yommus ani sagalee guddaa tokko nan dhaga'e; innis teessoo sana biraa, "Kunoo, iddoon Waaqayyoo buufatu namoota gidduu dha, inni isaan bira buufachuuf jira, isaanis saba isaa ta'uuf jiru; Waaqayyoo ofii isaa isaanii wajjin jiraachuuf jira, Waaqayyoo isaaniis ta'uuf jira.

Inni imimmaan hundumaa ija isaaniittii in haqa; wanti duraa waan darbeef, egaa duuni deebi'ee hin argamu, gadduun, iyyuun, waraansis si'achi hin jiru!" jedhe.

Inni teessoo irra taa'e immoo, "Kunoo ani waan hundumaa haaraa nan godha!" jedhe; itti dabalees, "Dubbiin kun amanamaa, dhugaas waan ta'eef, kana caafi!" naan jedhe.

Akkasumas, "Ta'eera! Ani Alfaa dha, Omeegaa dhas, isa jalqabaa ti, isa dhumaa tis; ani isa dheeboteef burqituu bishaan isa jireenya kennuu irraa tola nan kennaaf.

Inni mo'u kana itti darbee argachuuf jira; ani Waaqayyoo isaa nan ta'a, innis ilma koo in ta'a" naan jedhe.

Mee ammas irra deebinee haa kadhannu.

20 Gooftaa Yesus sa'aatii itti dhi'aachaa jirru ilaalchisee abdii fi dubbii cimaa akkasii Yesus Ofii Isaatii fi karaa ergamaa nuuf kenne; yaa Gooftaa kallattii Kee nuuf kenni, akkaataa karaa sirrii ta'een itti dhi'aachuu akka beeknuuf, sa'aatichi dhufaa akka jiru ni beekna waan ta'eef. Caaffanni qulqullaa'oon raawwatamuu qabu! Akkasumas ni ta'a. Ammas yaa Gooftaa, yeroo Dubbii Kee qorannu hunda keenyatti araara Kee ammas kadhanna. Nu waliin ta'ii nuuf hiiki yaa Gooftaa, nuti maqaa Yesuusiin waan gaafannuuf. Ameen.

Taa'uu dandeessu.

21 Amma, utuu ibsaa galma guddaa irraa dhaamsanii waltajjii asii qofaa keessatti dhiisuu danda'anii

gaarii ta'a jedheen yaada, kunis tarii kaarentii fooyya'aa ta'e keessaa muraasa fudhachuu danda'a waan ta'eef. Halkan darbe tiraansifoormara tokko gubnee turre. Akkasumas eegduun sun yoo akkas nuuf godhe isa ni dinqisiifanna: ibsaa gara gadii ni cufna-ibsaan galma guddaa haa dhaamu. Sana booda barreessuuf bakka mijataataa ni qabaattu jedheen yaada.

22 Amma, mata duree ammas irra deebi'ee isin beeksisuuf, mata duree, "Mana Fuulduraa Misirroo Samii fi Misirroo Lafaa" jedhutti dhiyaachaa jirra.

Amma akkuma ture.... Kana qofa gochuun narra jiraata; ol gubbaan kun baay'ee ho'aa dha (bulluqaadha). Akkuma nuti ... Haati manaa koo akkan akkas godhu akkan hin jaalanne nan beeka, garuu (kootii koo baafachuun koo hin oolu)—garuu garri olii kun baay'ee ho'aa, argitanii. Qilleensi achi ala sana keessaa argamu, achitti kutaa xiqqoo gara gadii sana keessatti muramee hafa, argitanii.

23 Amma, gara fuulduraatti, yookaan irra caalaatti yeroo darbe, chaappaa torban, waldoota torbanis qoranneerra. Obboleessi keenya Vayle fi warri amma amanamummaadhaan bifa kitaabaatiin akka argattaniif irratti hojjechaa jiru.

24 Wantoonni dhoksa nuti argine kun hundinuu raawwatamuu isaanii arguudhaan, sa'aatii nuti keessa jiraannuu fi bakka jirru kana ergan hubadhee booda; namni dhugaadhaan miiraan taa'ee waan dubbatame, maaltu akka ta'uuf waadaa galames, waan raawwatames qorachuu barbaadu hin jiru, garuu wantootni sun raawwatamaniiru jechuu danda'u. Waaqayyo waan sirriitti nan godha jedhe godhe; Inni sirriitti erga jedhee booda ni raawwate, ilaalaa.

25 Amma kana keessatti, Gooftaan Yesus yeroo kamitti akka mul'atu waanan hin beekneef— inni kun gaarii ta'a jedheen yaada; Hafuura Qulqulluu waan gammachiisu natti fakkaate, kana irratti dubbannee tarii yeroo lama ykn sadii ammas itti deebi'uu keenya oolu, sababiin isaas ani kana hunda baasuu dubbachuuf yeroo gahaa hin argadhu waan ta'eef. Bakka mata duree xiqqoo nama gufachiisuu danda'utti buututti, karaa karaa hundumaan wal qixxaaterra deemuun hin danda'amu. Sana booda mata duree itti aanu hubachiisuuf ammas deebitee dhufu; achiis boodarra—yoo fedha Gooftaan ta'e, yeroo gara Mallatteffamuu kudha lamaanitti dhufnu (dhiifama naaf godhaa)—Mul'ata boqonnaa 12ffaatti dhufnu jechuu koo ti, kan dhufaatii Gooftaa fi xumura Malakataa gidduutti argamu, fi kkf tti dhufna. Seexanni eenyu akka ta'e, maal akka hojjete, eessaa akka dhufe, kaayyoon isaa maal akka ta'ee fi bareedinni isaa guddaan isaaf kenname akkamitti akka kufaatii isaaf sababa ta'e agarsiisuuf sana deebisuuf yaalla. Gowwoomsaan isaa akka kufu isa taasise—bareedina.

26 Ergasii, akkamitti nama sirritti isa ilaaluu barbaadu kamiifuu hin danda'amu—sanyiin bofa sun. Ani nama kamiifuu, nama hubannoo waliigalaa qofaan ilaaluu barbaaduuf qormaata nan godha. Mucaan tokko arguu danda'a ture, argi. Amma, sana booda itti deebina.

27 Amma, asitti kan hubannu Macaafni Qulqulluun kun lamaan.... Sababiin ani II Pheexiroos, boqonnaa 3ffaa dubbisee Mul'ata 21 wajjin wal bira qabuuf, isaan lamaan asitti dhimma tokko dubbachaa jiru waan taa'eefi, Yohaannis garuu gonkumaa—akka Pheexiroos barreesseetti barreessete hin beeku. Ilaaltaniittuu? Manni misirroo guddaan sun as lafa kanarra jiraachuu akka qabu ni hubanna.

Ammas, yoo dubbifan.... Akkuma boqonnaa 21—Mul'ata boqonnaa 21ffaa, ergamaan asitti akkas jedhe—ykn raajichi akkas jedhe, "Kana booddees, ani bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge" jedhe. Akka waan guutummaatti barbadaa'uun dhufuutti namatti dhaga'ama.

28 Amma, karaan ani yeroo hundumaa ergaa koo argadhu kadhannaadha. Kadhannaa keessa taa'ee utuun jiruu waan tokko natti mul'ata. Akkasumas daqiiqaa muraasaaf eegge sirrii ta'uu isaa nan ilaala, sana booda akkan itti dhi'aadhe natti dhaga'ama. Sana booda yeroo tokko tokko hanga cabee mul'atatti seenutti eeguun itti fufa. Garuu inni dhufuu jalqabee Waaqayyo biraa akka dhufe yeroon itti quufutti, sana booda gara Caaffata Qulqullaa'oottin deema. Argituu, sun mir... waan hafuura hojjetame hundumaaf mirkaneeffannaa akka ta'uufi, sababiin isaas Macaafni Qulqulluun mul'ata guutuu Yesus Kiristoos waan ta'eef. Argitanii? Inni dhagna isaati.

Ammas, sana keessatti, tarii Caaffata Qulqullaa'oo keessaa bakka sirrii ta'ee natti hin dhaga'amne wayiin argadhee, nan dinqifadha ta'a. Ammas gara kadhannaattin deebi'a. Inni ammas ni dhufa. Achiis Caaffata Qulqullaa'oo koo qorachuu nan jalqaba.

29 Amma, Macaafni Qulqulluun keenya Afaan Ingiliffaatiin (jalqaba laatiinii irraa kan hiikame) barreeffameera. Afaan Ingilizii keessatti jechootni yeroo hunda ni jijjiiramu; fakkeenyaaf, akkuma Qulqulluu Yohaannis 14 keessatti, "Mana Abbaa koo keessa iddoon jireenyaa (mansions) baay'eetu jira" jedhe—mana jireenyaa mana tokko keessa jiru! Tole, egaa isin ... wanti isin goochuu qabdan sana booda gara isa jalqabaatti ariitiidhaan deebifanii King Jamesti maal jechuu akka barbaade ilaaluudha, ykn gara afaan Ibrootaatti ykn gara Giriikiitti deebi'uudha (hiikkaa isa jalqabaa irraa) tti deebi'uu dha. Achi keessatti "Mootummaa Abbaa koo keessa masaraawwan hedduutu jira" jedha. Tole egaa, gara yeroo hiiktonni King Jamesitti hiikanitti yommuu deebitan mootummaan sun, Afaan Ingiliffaatiin, mana jedhama

ture; mootichis bakka bu'oota isaa irratti abbaa ture. Sababni isaan, "Mana Abbaa koo keessa iddoo jireenyaa baay'eetu jira" jedhanii hiikaniif jira. Argitanii? Sana booda erga jechoota sana argattanii adamsuu qabdu.

30 Ergasii, kaka'umsa sana irraa argitu.... Waltajjii kana irratti ganama kana nan jedha, yeroo tokkollee kallattiidhaan Caaffata Qulqullaa'oo irraa malee homtinuu ta'ee hin beeku. Sanyii bofaa fi wantootni biroo kun hundi akkasitti dhufan, ilaalaa.

Dhugumas.... Osoo namni tokko, "Mana Abbaa koo keessa iddoo jireenyaa baay'eetu jira" jedhee dubbisee dhiisee, osoo hin qo'atu ta'ee—hin kadhatu ta'ee, hundi keessan ni burjaajoftu. Argituu, garuu kadhachuu qofa itti fufaa. Waaqayyo yeroo hundumaa sirrii godha, yoo Waaqayyo biraa dhufe.

31 Amma, Yohaannis jijjiiramaa fi dhufaatii isaa ibsa—akkamitti akka dhufu—kana caalaa hin ibsu, Pheexiroos garuu ni ibsa. Yohaannis akkas duwwaa jedhe, "Kana booddees bantii waaqaa haaraadhaa fi lafa haaraa nan arge; bantiin waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru, galaannis deebi'ee hin argamu. Yersaalem mandarri qulqullittiin isheen haaraan, Waaqayyo biraa bantii waaqaa keessaa, akka misirroo dhirsa isheetiif, kuulamteetti, qophooftuu utuu gadi buutuu nan arge" jedhe. Pheexiroos adeemsi kun akkamitti akka dhufu akka ibsu baruuf garuu, amma gara II Pheexiroositti deeniba. Amma waan Yohaannis jedhe yoo ilaaltan, "Bantii waaqaa inni duraa, lafti inni duraas darbaniiru" jedha—balleeffamaniiru (annihilated). Argitanii? Sunis baay'ee waan ajaa'ibaa fakkaata, kanaaf kanumatu na rukutee jecha darbuu (pass away) barbaaduu akkan jalqabu na taasise. Ammas.... Garuu ergamoonnii fi raajonni kun lamaan isaanii iyyuu waa'ee waan tokkoo akka dubbatan ifaadha.

32 Ammas, macaafa Isaayaas keessattis (amma Caaffata Qulqulluu kana qabachuu yoo barbaaddan), Isaayaas 65:17 irraa kaasee, Isaayaas waa'ee bara kumaa (boqonnaa waaggaa kumaa kan saba Waaqayyoo sana) yeroo dubbatu—Isaayaas waa'ee isaa dubbateera, akkasumas, "Ani.... ture a ..." wantootni duraanii hundi darbaniiru, akkasumas akkamitti mana ijaaranii akkaataan itti jiraatanis. Osoo yeroo qabaanne—tarii yeroo fudhannee kana daqiiqaa tokko qofa dubbisna ta'a, Isaayaas 65. Akkasumas daqiiqaa muraasaaf qofa haa dubbisnu; kunoo immoo nuuf sirrii dha. Amma, jalqabuuf, Isaayaas 65:17:

Waaqayyo, "Kunoo, ani bantiwwan waaqaa haaraa fi lafa haaraa nan uuma; wanti dur ta'e hin yaadatamu, inni darbes yaada namaa keessa hin dhufu.

Kunoo, ani Yersaalemin mandara nama gammachiiftu, saba ishees warra gammadan waanan godhuuf, isin wanta ani uumutti bara baraan gammadaa, ililchaas!

Yommus ani mandara Yersaalemitti saba koottis nan gammada; sagaleen boo'ichaa fi sagaleen iyyaa si'achi ishee keessatti hin dhaga'amu.

"Achi keessatti mukummaatti du'uun hin jiru; namni dulloomee utuu bara hin quufin du'u achi keessatti hin argamu; namni waggaa dhibba jiraatee du'u iyyuu akka waan dargagummaatti du'eetti in ilaalama; namni waggaa dhibba utuu hin ga'in du'u immoo akka nama abaaramaatti in ilaalama.

Isaan mana ijaarratanii keessa in jiraatu, muka wayniis dhaabbatanii ija isaa in nyaatu.

Si'achi mana isaan ijaarratanitti namni kan biraa hin galu, muka waynii isaan dhaabbatanis ija isaa namni kan biraa hin nyaatu; sabni koo akka muka gaattiraa bara dheeraa in jiraatu, warri ani fo'adhes isa harka isaaniitiin itti dadhabanii hojjetan in nyaatu.

Isaan si'achi akkasumaan dadhabanii hin hojjetan, ijoolleen isaaniis dingata du'uuf hin dhalatan; isaan ijoollee isaanii wajjin sanyii warra Waaqayyo eebbisee ta'anii in jiraatu.

Yommus utuu isaan ana hin kadhatin nan deebisaaf; utuma isaan anatti himatanii hin fixinis nan dhaga'aaf.

Yommus yeeyyii fi ilmoon hoolaa walii wajjin in sooratu, leencis akka sangaa cidii in nyaata; bofni garuu awwaaruma ishee in nyaatti; isaan kun hundinuu tulloota koo warra qulqullaa'oo hundumaa irratti waan hamaa hin godhan, si'achis waan tokko illee hin balleessan" jedhee dubbateera.

33 Raajonni fi ogeeyyiin gurguddoon kun, barsiisonni Macaafa Qulqulluu, bara durii dura guyyaan ulfina qabeessi kun dhufuu isaa arguun isaanii abdii akkamiiti!

Kutaalee kanaan namni tokko pilaaneetiin lafa kanaa guutummaatti akka baduuf jiru amanuu danda'a, ykn caalaatti geggeeffamuu danda'a. "Bantii waaqaa haaraa fi lafa haaraa nan uuma." Argitanii?—bantii waaqaa akka badu, laftis akka badu—guutumaan guututti ni barbadaa'u. Garuu itti siqeenyaan qo'achuu fi gargaarsa Hafuura Qulqulluutiin, dhugaa kanaa arguu dandeenya, kanas itti seenaa jirra.

34 Kan barbadaa'u qilleensa naannoo ishee fi cubbuu lafa irra jiru qofa. Amma, bantii waaqaa jechuun atimoospheerota nu olii jechuu akka ta'e hubanneerra.

35 Inni maal hojjeta?

Inni.... Ergasii qoraattiin kun, dhukkubni, duuti, siyaasni, dhiironni cubbmoon, dubartoonni cubbmoon, hafuuronni hamoon hundinuu ni badu, ni barbadaa'u. Akkasitti hojjetamuu qaba, sababiin isaas nuti sirriitti as jiraachuuf jirra. Sana Macaafa Qulqulluudhaan mirkaneessina. Bakki nuti jiraachuuf jirru asuma.

Amma hubadhaa, qoraattiiwwan, jarmoonni, dhukkuboonni hundi, fi wantootni guutummaatti ni baafamu. Wanti amma lafarra jiru kun hundi: sirnoonni nam-tolcheen, siyaasni, cubbuun gosti hundinuu, wanti addunyaa kana irratti argamu hundinuu hafuurota hamoodhaan faalameera —akkasumas bantiin waaqaa nu olitti argamu hundinuu hafuurota hamoodhaan faalameera. Amma, waa'ee kanaa gadi fageenyaa fi ball'inaan itti deemuuf jirra, ilaalaa.

Wanti bantiwwan waaqaa keessa, ykn atomoosfeerii keessaa fi lafarra jiru kun hundi amma lafarra jira—lafti kun wantoota kanneen qabatee jirti. Lafti garuu kaayyoo sanaaf hin uumamne. Cubbuutu akkas akka ta'u godhe. Isas kan uume Waaqayyo, Uumaadha. Garuu hunduu—qaamni keenya amma keessa jiraannu hundinuu yeroo Waaqayyo lafa uumetti laficha uffanne, sababiin isaas isin biyyee lafaa irraa dhuftan. Hundi isaa yeroo Waaqayyo ofii isaatii uume asitti diriiree ture. Isin yaada Isaa keessa turtan, Isa keessas turtan, guddaan bara baraa yaada (thought) ture, innis amala (attribute) isaati.

Ammas cubbuun kana hundumaa akka ta'u kan taasise yoo ta'u, Waaqayyo bara kana keessa meeshaa isaa walitti qabachaa jira.

36 Seexanni amma iyyuu as jira. Wantoonni kun hundi kan ta'aniifis kanaafi. Inni ammallee as jira, humni isaa hamaan hundis ammallee asuma jira.

Hubadhaa, kanaafidha lafti amma akkas kan xurooftuu taateef. Kanaafidha xuraa'ummaa keesaa ba'aa (scum) fi wantootni qoosaa hin barbaachifne (ridiculous) ta'an kan itti fufanii adeemsifamaa jiraniif —dhiigni dhangala'uun, waraanni, siyaasni, cubbuun, ejji, xuraa'ummaan gosti hundumaa kan itti fufuuf—Seexanni bulchaa lafa kanaa fi atimoosfeera kanaa waan ta'eef.

Ati, "Atimoosfeeraa?" in jetta.

Eeyyee obboo!

37 Bantiwwan waaqaa fi lafti amma seexanoota (devils) Waaqayyoo duratti nu himachuu (hadheessuu) danda'aniin faalameera. Yesus gidduu seenaa nuuf kadhachuuf (intercede) achi jira (argitanii?), hadheessitoonni immoo qaba nutti qabuu itti fufanii, "Isaan kana godhan. Isaan kana godhan. Isaan kana godhan" jedhu. Garuu dhiigichi ammallee ni haguuga! Inni warra Inni duraan dursee fo'atee arge furuuf dhufe. Lafti kanaaf har'a akkas gar-malee xuraa'aa ta'aate.

38 Asitti ergamaan, II Pheexiroos asitti, boqonnaa 2ffaa, fi lakkoofsa 5ffaa fi 6ffaa (Eeyyee, argadheera), sadarkaa lafaa sadii eereera. Ilaalaa, inni sadarkaa lafaa sadii argata. Mee akkamitti akka inni isaan fidu hubadhaa. Biyya lafaa ishee bara durii ishee bishaan keessaa baatee dhaabbattee turtedha. Amma, sun biyya lafaa ishee bishaan badiisaa duraa turedha.

Amma isheen jirtu—biyyi lafaa isheen ammaa, isheen amma keessa jiraachaa jirru (addunyaa jedhamte) dha, biyyi lafaa isheen durii bishaan keessaa baatee dhaabbatte (Uumama 1:1), ammaa fi biyya lafaa amma jirtu kana jechuudha, achiis ammas itti fufee kan biraa eereera, isheenis biyya lafaa ishee dhufuuf jirtu, biyya lafaa haaraa—biyya lafaa sadii, sadarkaa sadan biyya lafaa.

39 Waaqayyo karoora furuu Isaa akkamitti akka nuuf ibsu hubadhaa. Oo, kana yeroon argu lubbuun koo akkam gammaddi! Asitti amma, karoora furuu Isaa attam ifa nuuf godha. Amma, wanta ija keenyaan arginu waan Waaqayyo addunyaa Isaa furuuf godheen wal bira qabnee ilaalla! Inni Saba isaa furuuf karoora wal fakkaatu hojjeteera! Kan hin jijjiiramne waan ta'eef Waaqayyo karoora isaa tokkollee hin jijjiiru ykn waanuma fedhe illee yoo ta'e hin jijjiiru. Maal ulfina-qabeessi akkasii!

40 Inni akkamitti gara Ofii Isaatti nu geggeesse, Inni akkuma biyya lafaa kana sadarkaa sadii keessa dabarsee gara biyyaa lafaatti fide, nuyis sadarkaa ayyaanaa sadii keessa nu dabarse. Biyyi lafaa sadarkaa qulqullinaa garaa garaa sadii keessa erga dabartee booda Waaqayyo gara ishee akkuma dhufu, gara kenyas sadarkaa ayyaanaa sadii keessa sirriitti erga dabarree dhufa. Jalqabatti akkas jedhee barsiiseera; ergasii jijjiiree hin beeku. Dubbii Waaqayyooti'o!

41 Sadan keessan walitti qabdani eeggachuu qabda, torba keessan kudha lamaan keessa. Lakkoofsi Macaafa Qulqulluu akka mudaa hin qabnetti adeemuu qaba kanaa achii suuraa keessan hundi wal keessa makamaa isin duraa ta'a. Yoo hubachuu dadhabdan kadhannaa qofa itti fufaa. Isin hubadhaa ilaalaa, inni sirriitti ni mura, sirriitti. Waaqayyo sadii keessatti fiixaan ba'eera. Argitanii!

42 Hubadhaa, biyya lafaa durii (kan bishaan badiisaa duraa), biyya lafaa amma jiruu fi isa dhufuuf jiru. Amma, sadarkaan jalqabaa Inni itti nu fidu.... Ilaalaa, karoori furuu Isaa waan hundumaan sirriitti wal

fakkaata. Innis mala wal fakkaatu fayyadama. Gonkumaa hin jijjiiramu. Inni Miilkiyaas 3 irratti, “Ani Waaqayyodha hin jijjiiramu!” jedheera. Akkaataan Inni itti isa raawwatu, kanaafuu, nama jalqabaa dhiiga nama qulqulluu dhangala'een yoo fayyise, isa itti aanus akkasumatti fayyisuu qaba; namni Inni fayyisu hundinuu akkasuma ta'uu qaba. Inni yeroo kamiyyuu nama tokko imala jireenyaa keessatti yoo fayyise-bara Yesus, bara ergamootaa, bara raajotaa, yeroo ture hundumaattis haa ta'u-yeroo haalli walfakkaataan mudatu Inni deebi'ee sana gochuu qaba! Sirriidha. Inni hin jijjiiramu. Namni ni jijjiirama, yeroon ni jijjiirama, umriin ni jijjiirama, yeroon ni jijjiirama, Waaqayyo garuu akkuma jirutti hafaguutuudha! Kun abdi akkamii namoota dhukkubsattootaaf kennuu qaba laata.

43 Inni nama yoom iyyuu yoo fayyise, haalli walfakkaataan yommuu uumamu deebisee raawwachuu qaba. Inni yoom iyyuu nama tokko yoo fayyise, Inni bu'uuruma yeroo jalqabaa ittiin hojjete sanaan hojjechuu qaba. Inni yoom iyyuu nama tokko Hafuura Qulqulluudhaan yoo guute, bu'uura yeroo jalqabaaf godhe sanaan raawwachuu qaba. Inni yoom iyyuu nama tokko awwaala keessaa yoo kaase, yeroo lammataa fi yeroo biraa hundumaatti seera bu'uura wal fakkaatuun hojjechuu qaba.

44 Inni hin jijjiiramu.

Oo, sun abdi akkamii naaf kenna! Innis maali? Tiyoorii nam-tolchee wayii keessatti osoo hin taane, waan gareen namootaa irratti walii galan tokko utuu hin taane, Dubbii Isaa isa hin jijjiiramnedha!

Isin, “Kun dhugaadhaa?” in jettu.

Inni, “Dubbiin nama hundumaa soba haa ta'u, kan koo immoo dhugaa haa ta'u. Waaqnii fi lafti darbuuf jiru; Dubbiin koo garuu gonkumaa hin darbu” jedheera.

Caaffanni qulqullaa'aan hundinuu geggeessaa Hafuura Waaqayyootiin caafame; kanaafuu barsiisaaf bu'aa gaari kan qabudha; akkasumas Caaffanni Qulqullaa'aan hunduu akka raawwataman yaadadhaa! Fidalli tokko utuu hin hafin!

45 Hubadhaa, Waaqayyo akkamitti akka ifa nuuf godhu. Sunis mirkaneeffannaa guddaa, gaarii yoo hin taane—eebba guddaa, jaalalaa Waaqayyoo irraa dhufedha, kanas yeroon mucaa xiqqaa ture irraa jalqabee (yeroo jalqabaaf yeroo Kiristoos na waliin hojjete), amma iyyuu yeroo hundumaa sadarkaa ayyaanaa sadan sana nan barsiisa! Inni ammas yoo dhugaa ta'uu baate hubadhaa.

46 Amma, tarkaanfiin jalqabaa gara Waaqayyootti yaada garaa geeddarachuudha, achiis isa booda itti aanee, cuuphaa bishaanii ti. Cuuphaa bishaanii: “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, maqaa Yesus Kiristoositti cuuphamaa.” Argitanii? Cuuphaan bishaanii itti aanee kan dhufu yoo ta'u, yaada garaa geeddarannaa dhugaa akka ta'e agarsiisa—ykn, cubbuun keenya inni darbe akka nuuf dhiifamuuf. Sun cubbuu gara fuula duraa wajjin wal hin qabatu. Inni kan darbe qofa dhiifama godha. “Yaada garaa keessanii geeddaradhaa, maqaa Yesuus Kiristoosiin cuuphamaadha.” Maaliif? Dhiifamni, cubbuu darbe irraa dhiifama fudhachuun, isa gara fuulduraa wajjin wal hin qabatu. Cubbuu keessan isa isin irraa cite qofa-waan isin gootan.

Waan Addaam godheef isin qalbii diddiirrachuu hin dandeessan. Isin gonkumaa sana hin goone; Addaamtu godhe malee. Isin waan hojjetaniif qofa dhiifama argattu. Uumamni inni durii sun ammallee jira.

47 Mee daqiiqaa tokkoof qofa gabatee kanan fudhadha.

Amma, kun garaan (onnee) namaati. Ani ... ani ogeessa fakkii ta'uu irraa fagoon jira, ilaalaa. Kun garaa (onnee) namaati, kun onneen namaati. Amma, inni as jiru kun bofa of keessaa qaba—inni cubbuudha. Asitti immoo ... jireenya (life) qaba. Inni as jiru kun gugee of keessaa qaba, innis Hafuura Qulqulluudha. Kunoo inni asii jireenya qaba. Tole, inni as jiru kun hammeenya, jibba, inaaffaa qaba. Kanatu sababa ta'aa jira: namichi as jiru kanatu. Tole, inni as jiru kun jaalala, gammachuus, obsas qaba, wanti inni asii gaditti godhu isa kana.

Amma, yeroo gaafatamtan—ykn cubbuu keessan isiniif dhiifamu, kana qofa goochuu keessani—sun isin irraa fuudhameera. Garuu wanti akka cubbuu hojjetan isin taasisu ammallee as jira. Sun hundee hidda hamminaa duriiti. Inni ammallee achuma jira.

48 Hubadhaa, erga qalbii geeddarattanii booda Maqaa Yesus Kiristoosiin yommuu cuuphamtanitti, Inni cubbuu keessan isiniif dhiiseera.

Hubadhaa, achiis lammaffaa irratti sadarkaa qulqullaa'uutu (sanctification) dhufa, innis sammuu keenya akka qulqullaa'uuf—sirritti akka yaadnuuf—qulqulleessee qopheessuudha. Qulqulleessuun (Sanctification) jecha tishoo afaan Giriikii yoo ta'u hiikni isaas kan qulqullaa'ee tajaajilaaf adda baafame jechuudha.

Sana booda, kan itti aanu cuuphaa ibiddaa fi Hafuura Qulqulluu kan Waaqayyo akka nu keessa jiraatuuf dhufa dha, ibiddi Waaqayyoos garaa keenya cubbuu irraa qulqulleessee Hafuura Qulqulluu

keessa galcha. Sana booda jireenya isa inni kun hojjete sana ni hojjenna, sababiin isaas inni sunis nu keessa jira.

49 Hubadhaa, dhalachuu uumamaa keessatti yeroo dubartiin daa'ima deessu (jireenya uumamaa jireenya hafuuraatti fakkeeffama)—dubartiin tokko uumamaan daa'ima yeroo deessu, wanti jalqaba ta'u bishaanni cabuudha, achiis dhiigatu dhufa, achiis hafuura—jireenya. Daa'ima Xiqqaa sana qabaa rukutaatii irraa achi fagaadhaa deemaa— inni ni iyya. Bishaan, dhiiga, hafuura.

50 Ammas daa'imni tokko gara mootummaa Waaqayyootti yommuu dhalatu karaa wal fakkaatuun dhufa: bishaaniin, dhiigaan, hafuuraan.

Amma hubadhaa, qulqullaa'uu, sadarkaa sadaffaa—sadarkaa lammaffaa isaa hubadhaa, sammuu qulqulleessa, garaa qopheessa, yaada garaa tartiiba qulqullummaatti qopheessee kaa'a.

Namni tokko cubbuu yaada garaa geeddaratee ammas yaada ... tole, tarii nama safuu hin qabne ta'uu danda'a. Dubartiin safuu kan hin qabne fakkaattu hunda arginaan, inni ammallee achi jira. Tarii immoo machaa'aa ta'uu danda'a. Yeroo dhugaatiin isatti urgaa'u hunda ammallee achumatti argama. Argitanii? Garuu sana booda yeroo qulqullaa'utti sun fedhii sana isa keessaa qulqulleessa. Argitanii? Araada isaa isa irraa fuudha. Ammas qoramu ni danda'a, garuu Inni fedhii isaa isa irraa fudha. Ammas inni ammallee sirrii miti. Sana booda, Hafuura Qulqulluu fi ibiddaan ni cuuphama; qulqullaa'ee, gubatee, ammas qulqullaa'ee, achiis tajaajila Waaqayyootti galfamama. Qulqulleessuun tajaajilaaf qofa adda isa baasa.

51 Akkamitti sun akka dhufu sirriitti hubadhaa. Ergaan dhufaa jira: Maartiin Luuter, qajeelummaa; Joon Weeslii, qulqullaa'uu; warri Pheenxeqoosxee, cuuphaa Hafuura Qulqulluu. Ergaawwan—iddoon kun iddoo kana booda barri isaa jiraachuu hin dandeenyedha, ilaalaa. Yeroo dhumaa irra jirra. Sadarkaa sadii. Cuuphaan Hafuura qulqulluudhaan garaa (heart) qulqulleessa.

52 Akkam nama dinqisiisa, amma! Bakka nuti keessa jiraachuu qabnu adeemsa wal fakkaatuun raawwatama. Amma Inni karaa qajeelummaa waldaa waame; karaa qulqullummaadhaan ishee waame; ergasii Hafuura Qulqulluu fi ibiddaan ishee guutee, Inni Ofii Isaatii, Hafuurri Qulqulluun mataan Isaa, Ilmi Waaqayyoo, adeemsa Ofii Isaatii keessa darbee garaa namaa keessa buufachuu danda'e. Amma osoo Inni itti hin seenin dura adeemsa sana keessa darbuu qaba. Hubadhaa, Inni biyya lafaa (bakka misirroon sun keessa jiraachuuf deemtu) haala wal fakkaatuun hojjete—karoora fayyinaa Isaa isa wal fakkaatuun hojjete.

53 Biyya lafaa bishaan badiisaa dura turte hubadhaa. Erga yaada garaa geeddaratee booda—karaa misirroo guyyaa sanaa, karaa Nohiin Waaqayyo cuuphaa bishaanii ishee cuuphe, bishaaniin ishee haguuge; achiis qajeelummaa dha, innis biyya lafaa Eeden irraa kufte kana ammas iddootti deebisee waamuuf karaa isaa irra akka jiru agarsiisa. Sana booda Kiristoos dhufee dhiiga Isaa irratti dhangalaase, ishee qulqulleesse, kan ofiis godhate. Argitanii? Isheen lafaa nuyi amma keessa jiraachaa jirru kanadha.

Seexanni as Caaffata Qulqullaa'aa keessatti akkamitti karoora Waaqayyoo isa Inni fudhachuuf jiru akka cabsuuf Isa qore ilaalaa—yeroo inni gaara irratti ol Isa baasee dhiiga sanaan osoo hin bitin akka isaaf kennuuf isaaf kennuuf akka Isa qore argitanii?

54 Abrahaamiif lafa sana kennuuf yommuu yaalan, akka ragaatti, akka mallattootti, meetii sheeqilii (shekels) hedduudhaan namoota duratti akka bite hubattaniittuu: "Ani iddoo kana akkan bite har'a haa beekamu!" Argitanii? Ni bitate. Seexanni immoo mootummaa amma kan isaa ta'e Isaaf kennuuf yaale. Inni akka kennaatti isaaf kennuuf yaale, Inni garuu fudhachuu dide, sababni isaas.... Ilaalaa, silaa sana booda Seexanni amma iyyuu irratti himachuu danda'a ture. Garuu, inni bitamuu irra jira ture! Ameen! Inni guutummaa Isaa keessatti Sagalicha ture. Isaan isaan qabanii Isa gowwoomsuu hin dandeenye.

Sana booda, amma biyyi lafaa cuuphaa ibiddaa argachuuf deemti.

55 Ilaalaa, inni amma kana qaba.... Maaltu ta'e? Kiristoos dhufee Waldaa gara yaada garaa geeddarannaatti, gara dhiifamaaf maqaa Yesuus Kiristoosiin cuuphamuutti waamee, waldaa qulqulleessee, ibidda waaqayyootiin gadi bu'ee xurii hundumaa irraa gubee dhufee laphee namaa keessa buufate.

56 Amma biyya lafaa nama furame kanaaf furuuf, Inni maluma Isaa tokkicha sana fayyadama. Inni biyya lafaa bishaan badiisaa dura turte bishaan badiisatiin cuuphe. Qulqulleessuu fi kan Ofii Isaa godhachuuf dhiiga isaa irratti dhangalaase bitate. Biyyi lafaa kan Isaati.

Seexanni, "Ani isa siifan kenna" jechuuf yaale. Innis, "Lakki obbo, nan bitadha!" Ragaan haa jiraatu. Inni walii galtee mallatteessuuf ol baafame—akka bitatuuf; Innis ni bitate.

57 Amma garuu cuuphaa ibiddaa keesaa darbuu qabdi—ibidda qulqulluu waaqayyo biraa lafaa fi bantii waaqaa naannoo ishee qulqulleessuun. Sana booda akka warri furaman irra jiraataniif ni bitamti—

nagaadhaan akka ishee irra jiraataniif.

Hubadhaa, cuuphaan ibiddaa cubbuu irraa, dhukkuba irraa, jarmii dhukkubaa irraa, cubbamoota irraa, seexanaa fi garee isaa hunda irraas qulqulleessuu dha. Inni gara haroo ibiddaatti darbatamuu qaba. Ibiddi qulqulluun Waaqayyoo, Waaqayyo biraa bantii waaqaa irraa bu'ee ishee guba (hubadhaa) Waaqayyo akka ishee keessa jiraatuuf qopheessuuf ishee gubuuf jira. Waaqayyoof qophoofti, Inni lafa haaraa dhufuuf jiru irra, lafa irra jiraachuu qaba sababiin isaas.... Isin "Waaqayyo? Inni garaa (heart) namaa keessa jiraata" in jettu. Garuu, Innii fi misirrottiin tokko ta'u, isaan gara mana isaanii lafa haaraa keessatti argamtuutti ni galu. Akkasumas karoorama furuu gosa tokkichatu biyya lafaa fi namoota ishee keessa jiraatan furuuf itti dhimma ba'ama.

58 Ilaalaa, garaan akkasitti qulqullaa'uu qaba. Waaqayyo namummaa (person) Hafuura Qulqulluutiin, kana jechuunis Kiristoos gadi bu'ee garaa namaa keessa buufachuu Isaa dura, jalqaba inni kan qalbii diddiirratu ta'uu qaba. Inni kan eenyuu akka ta'e agarsiisuuf Maqaa Isaatiin bishaaniin cuuphamuu qaba. Sana booda dhiiga Yesuusiin qulqullaa'uu qaba. Sana booda ibiddi qulqulluu fi Hafuurri Qulqulluun Waaqayyo biraa dhufe gadi bu'ee fedhii cubbuu inni qabu hundumaa, waan biyya lafaa hundumaa isa keessaa gubee baasa. Kanaafis egaa, namni beekumsa dhugaa erga fudhatee booda fedhiidhaan cubbuu hojjetu.... Sana booda ammas Macaafni Qulqulluun hin danda'amu jedhe, sababiin isaas namni Waaqayyo irraa dhalate cubbuu hojjechuu waan hin dandeenyeef; inni cubbuu hin hojjetu. Karaan inni ittiin cubbuu godhu hin jiru. Akkamitti yeroo tokkotti nama cubbamaa fi nama furamaa ta'uu danda'a? Akkamittan yeroo tokkotti mana idaadhaan keessa jiraachaa idaadhaan ala ta'uu danda'a? Oo, Inni dhiiga Isaatiin nu fureera; hafuura Isaatiin nu qulqulleesseera, achiis nu keessa jiraachuuf dhufa, waldaa keessa buufachuuf ni dhufa (waldaa jaarmiyaa (denomination) amma jirtu miti—waldaa tokkittii sana malee).

59 Amma yeroo kana fudhannutti itti dhiyeenyaan hubadhaa. Bakkeewwan nuti keessa jiraachuu qabnu.... Amma, yaada garaa geeddarannaan bishaan badiisaa duraa sun cuuphaa bishaanii fide. Sana booda Kiristoos dhufee dhiiga Isaa irratti dhangalaasee qulqulleessuudhaan biyya lafaa bitate. Sana booda immoo kan itti aanu, badiisa biyya lafaa ishee amma jirtu kanaatu dhufa. Cubbuu bantii waaqaa gubbaa jiru hundi ... inni aboo qilleensa keessa jiru irratti gooftummaa qaba. Inni achi ittisa—eebba Waaqayyo biraa dhufu achi ittisa. Isa keessatti bakakkaadhaan balaqqeesaa dhufee lafa rukuta, wanti bantii waaqaa irraa dhufu hundinuu, kattaan cabbii, bubbee fi rooba hamaa, akkasumas obomboleettiwwan, lolaa hamaan, wanti hamaan gubbaadhaa dhufu hundinuu kan Seexana ti— Seexanni aboo qilleensa keessa jiru irratti gooftummaa qaba!

60 Hubadhaa, Seexanni akkuman daqiiqaa muraasa dura jedhe, osoo hin gatii hin baasin Yesusiif kennuudhaan akkamitti isa fudhachuuf akka yaale ilaalaa. Sana booda Seexanni amma iyyuu falmii qaba sababiin isaas lafti fuulduratti faayidaa isheen qabdu waan beekuuf (argitanii?), garuu Yesus dhiiga Isaa isa dhangala'een bitee abbaa qabeenyaa isa sirriitii deebise! Inni akkasitti dhiiga Isaatiin nu bite; Inni akkasitti waldattii bite.

Ammas, cuuphaan ibiddaa jarmii hundumaa irraa, dhukkuba hundumaa irraa, dhukkubbii hundumaa irraa illee wantoota hafuuraa hundumaa (innis akkasuma karaa keenyaan ta'a; inni akkasuma in godha) irraa qulqulleessee Waaqayyo bara guddaa dhufuuf jiru kana keessatti, lafa haraa dhufuuf jiru kana keessaatti akka keessa jiraatuuf ni qopheessa.

Ilaalaa, Inni akkuma saba Isaa itti furetti biyya lafaas ni fura. Inni hundumaa akkaataadhuma wal fakkaatuun godha- akkaataa karoora furii Isaatiin. Sababni isaas Inni Waaqayyo hin jijjiiramne waan ta'eef, yeroo hundumaa karoorri Isaa wal fakkaataadha.

61 Akkuman kanaan dura isinitti himee akka beektan godheeti—innis Waaqayyo bara hundumaatti jijjiiramuu akka hin dandeenyedha! Inni karaa hundaan waan wal fakkaatuun akka beekamu taasisa. Inni ergaa Isaa isa jalqabaa, isa kan biyya lafaa bishaan badiisaatiin duraa keessatti karaa raajii Nohiin akka beekamu godhe.

62 Obboleessi jaallatamaan, kan amma na bira taa'ee jiru, kaleessa na faana haasa'aa ture. Innis, "Obboleessa Biraanhaam, waan ati dubbatte tokkotu yeroo hundaa garaa na raasa" naan jedhe.

Anis, "Maali inni, Obboleessa ko?" jedheen.

Innis, "Kunoo wanti ati jette (dhugaadhas): 'warra muraasa'—akkamitti gareen xiqqaan tokko guyyoota dhufan keessatti fayyuuf deema...." naan jedhe.

Akkasumas akkamitti Yesus, "Karichi rakkoo dha, karri isaas dhiphaa dha, namoonni isa argatan muraasa ta'us" akka jedhen isatti dubbadhe.

Amma hubadhu, Macaafni Qulqulluun, "Akkuma bara Nohi lubbuun saddeet bishaaniin fayyan, guyyaa dhufaatii ilma namaattis akkasuma in ta'a...." jedhan jedheen, "Obboleessa, ati amma argatte...." naan jedheen.

Innis, “Yaadadhu, lubbuu saddeet qofatu achi ture” naan jedhe.

Anis, “Walakkaa suurichaa qofa argatte!” jedheen deebiseef.

63 Ta'us, Nohi fakkeenya haftee (remnant) ta'ee kan fudhatame ture—tuuta warra ol fudhatamanii miti. Henok, nama tokko, osoo bishaan badiisaa hin dhufin dura ol butamuun deeme, kunis waldaan gara rakkinaattis ta'e waan naannoo rakkinaa jiru kamiyyuutti akka hin seenne agarsiisa! Henok kan ni jijjiirame —nama tokkicha! Oo, waldaan lakkoofsan baay'ee ta'uu dandeessi garuu missirrottiin garee baay'ee xiqqoo ta'uuf jirti—garee misirrottii bakka bu'an. Amma, waldaan lakkoofsa guddaa ta'uu dandeessi, misirroon garuu, ilaalaa.... Saddeetii fi tokkoo wal bira qabaa ilaalaa. Misirroon dachaa saddeetiin waldaadhaa gadi taati. “Namni qajeelaan fayyuun rakkinaan erga ta'ee, namni Waaqayyo malee jiraatuu fi namni cubbamaan attam ta'uuf jira ree?” Warri caalaatti hojjechuu utuma beekanii isa bira darbanii akka fedha isaanii godhan; warri Dubbicha dhiisanii seera waldaa amantii hordofan attam ta'u ree? Garuu Maqaa Kiristoos fudhachuudhaan kiristaana jedhamu.

64 Amma, guutummaatti Nohi fakkeenya warra haftee ta'anii ture. Nohi yeroo bahu Haam isa waliin akka ture yaadadhaa. Cubbuun ammallee achi keessa ture. Cubbuun karaa markaba sanaa sirriitti itti fufe—amantii dhabuun—mamuun markabicha keessatti darbe, inni firdiidhaa olitti baatame, Henok garuu markabicha caalaa ol ba'e! Inni gara fuula Waaqayyootti darbe, Nohi garuu keessa darbee keessaas ba'e, amma iyyuu cubbuun jira ture—sun fakkeenya bara kumaati—haala biyya lafaa ti.

Mileniyeemiin xumura isaa miti; ammallee bara waggaa kumaa booda yeroon ni jiraata. Mileniyeemiin iddoo yerooti malee lafa ishee haaraa sana miti. Lakki, dhuguma!

Sana keessatti hubadhaa; yeroo xiqqoo booda itti seenna.

65 Ilaalaa, lafti furamte ammas gara abbaa qabeenyaa ishee isa jalqabaatti ni deebiti. Inni irraa fudhate.... Inni Seexana irraa ishee fudhate. Inni akkuma Seexana harkaa isin baasetti biyya lafaas seexana harkaa baasee fudhate; akkuma isa Inni dubartii xiqqoo boolla bishaanii bira turte sana seexana harkaa baase sanaati. Lubichi achi dhaabatee ture—inni Waaqayyoo wajjin waan jiru isatti fakkaatee ture garuu homaa hin qabu ture. Argitanii?

66 Sana fakkii isaa isiniif kaasuun barbaada.

Amma, dhugaa waan kanaa ifatti argachuu barbaanna, kanaaf ani—barumsa kana amma itti dhiyeenyaan hordofaa. Amma, kun asitti—kun Waaqayyodha. Waaqayyo, isa kan bara baraa malee.... Isa malee kan biraa hin jiru. Waaqayyo keessatti garuu—Inni amaloota (attiributes) qaba ture. Amma, kun asitti Sagalicha, Dubbii Waaqayyoo, isa foon ta'ee nama Yesus jedhamuun nu gidduu jiraate bakka bu'a. Amma kun asitti—asitti namicha akkas gochuuf jirra. Amma, kun dubartii boolla bishaanii bira turtedha haa jennu. Kun imoo lubicha, Fariisiidha. Yeroo gabatee gurraacha banaa kana argitanitti—ayyaanaa fi fayyina argitan jechuudha.

67 Amma, jalqabatti Sagaleetu ture, Sagalichis foon uffatee nu gidduu buufate. Sadarkaaleen sadan: jalqaba amala (attiribute) ture, Waaqayyo akka nama ta'etti of yaade, sun immoo gara Yesus ta'uutti gadi Isa dabarsee ture. Ammas, yoom illee yoo achitti argantan, yeroo sanattis Isaa wajjin turtan! Jireenyi bara baraa bifa tokko qofa waan ta'eef; innis Waaqayyodha. Akkasumas, jalqabatti qaama Waaqayyoo ta'uu qabdu! Waan amma asitti filattan miti; Isatu isin filate! “Warri Abbaan koo anaaf kenne hundinuu gara koo in dhufu.”

68 Amma, luba kana asitti ilaalaa. Kutaa qaama isaa isa gara gadii asitti arganna—jireenya isaa isa duraa—dugduubi isaa, murtoon waa'ee isaatiif duraan dursee murtaa'e cubbamaa ta'uu isaati. Kun immoo asii gaditti si'oolidha. Amma, kutaan xiqqaan as keessa jiru kun immoo (gabatee gurraachan kan wal fakkaatu), qulqullina (purity) isaa bakka bu'a. Inni luba ture; inni nama kabajamaa ture. Sun kana bakka bu'a. Inni akkasumas.... Nama gaarii utuu hin ta'in luba ta'uun hin danda'amu. Garuu akkamitti akka inni argate argitaniittuu? —barnoota sammuu argate.

69 Amma dubartiin kun, jireenyi ishee jalqabaa asii olitti, sagaagaltuu turte. Isheen abbaa manaa baay'eetti heerumtee turte, garuu gara gadii ishee kana keessatti hubannoo xiqqoo wayii qabdi turte: “Masihiin akka dhufu nan beeka....” Sun achi ture.

Hubadhaa, Yesus yeroo dhufetti Sagalicha bakkeetti baasee mul'ise, sababni isaas Sagalichi yaada garaa keessa ture bakkeetti baase (akkuma Ibroota 4tti, akkuma [4:12] jedhutti Inni ni raawwata) ... Sagalichi yaada garaa bakkeetti baasee mul'isa. Inni akka Ilma namaa, akka raajichaatti dhufe. Maaltu ta'e? Lubni barumsa sammuu qofa qabu kun, “Inni Seexana” Isaan jedhe, sababiin isaas waldaan (denomination) isaa akkas jedhee Isa waama ture. Inni maal godhe? Bakka bu'ummaa waan hin qabneef Isa gurraachesse.

70 Dubartii xiqqoon kun garuu waan dhiheessitu hin qabdu turte; hamma dandeessuun olitti xurooftuu fi xuraa'ummaan kan jiraattuu turte. Garuu hubadhaa, keessa garaa isheetii bakka bu'ummaa qabdi! Achiis,

bakka bu'ummaan sun foon akka uffatuuf barbaadaa turte, yeroo Inni, "Dhaqii abbaa manaa kee waamii koottu" jedhetti,

Isheenis, "Yaa gooftaa, anoo abbaa manaa hin qabu" jetteen.

Inni immoo, "Ati ba'eessa dubbatte. Abboota manaa shan qabda yoo turte iyyuu, inni amma sii wajjin jiru abbaa manaa kee miti'oo" isheedhaan jedhe.

Isheenis, "Yaa gooftaa miti.... Ati Beelzebub miti! Ati raajii akka taate nan hubadha! Amma, Masihiin inni Kiristoos jedhamu akka dhufu anuu beeka; Inni gaafa dhufe waan hundumaa nutti in hima."

Yesuus, "Ani Isa!" isheedhaan jedhe.

Kana booda shakkii hin jiru! Ibsa itti kennuu hin dandeessan! Isheen isa argite, isa argites in amante. Achumaan kaatee deemte. Maalif? Inni maal isheedhaaf godhe? Ishee fure!

Amma ilaalaa, Inni Furiu ta'uuf dhufe. Sirriidhaa? Furiu (Redeem) jechuun maal jechuudha?—fidanii iddootti deebisuu dha. Inni maaliif Lubaa arganne? Inni gonkumaa achitti ol ba'ee hin beeku! Bakka bu'ummaa hin qabu ture.

Inni warra kufan furuudhaaf dhufe. Kufaatiin sanatu laaqii keessatti ishee gate, garuu Waaqayyo uumamuu biyya lafaatiin dura yaada Isaa keessaa ishee qaba ture, Inni immoo ishee qulqulleessuuf dhufe. Ergasii, jireenya bara baraa akka qabu ni bare. Argitanii?

71 Lubichi eessa... Inni maal isa irratti raawwate? Sirriitti bakka ga'umsa isaatiin isa ga'e. Inni jalqabuma iyyuu homaa hin qabu ture—barumsa sammuu qofa qaba ture.

Amma dhaggeeffadhaa firoota koo, wanti isin qabdan barumsa sammuu qofa yoo ta'e, waan sanarraa adda ta'e argattu! Akkasumas bakka bu'ummaa yoo qabaattan malee gonkumaa isa argachuu hin dandeessan. Sababni bahaa fi dhihaa irraa, kaabaa fi kibba irraa dhuftaniif isa kanaaf jedheen amana. Sagalicha—jiraataadha, ifatti ba'ee kan mul'atedha.

72 Amma, akkamitti jalqaba irratti raajota Isaatiin karaa Isaa akka beeksisu hubadhaa. Inni takkaa karicha jijjiiree hin beeku! [Bakka duwwaatu teeppii irra jira] fayyina: Inni isa qajeelcha isa qulqulleesses, Hafuura Qulqulluu fi Ibibda ergee cubbuu isa keessaa gubee Ofii Isaatii isa keessa buufate.

Inni lafa ishee karoora furuu keessatti itti fayyadamuuf deemu sanas akkaatuma kanaan uuma. Isheen yaada garaa geddarattee bishaaniin cuuphamte—Nohiin. Yesuus dhufee dhiiga Isaa irratti dhangalaasuudhaan qulqulleessee falmate. Lafa haaraa dhuftuuf jirtus, seexanaa hundumaa irraa, jarmii hundumaa irraa, dhukkuba hundumaa irraa, waan jiru hundumaa irraa cuuphaa ibidda qulqulluutiin qulqulleessee ni haaromsa . "Bantii waaqaa haaraa fi lafa haaraa nan arge." Nama haaraa taata! Ameen! Isin nama durii isa waldaatti miseensa ta'u, ykn isa walii galtee haaraa mallatteessu osoo hin taane, isin godaa biraandii haaraa ti! Waaqayyo namummaa isa durii fudhatee hafuura qulqulluu fi ibiddaan guutummaatti gubee Ofii Isaatii isa keessa dhufa—bakka bu'aa keessan gadi erga. "Abbaan koo yoo isa harkisee malee eeynyu illee gara koo dhufuu hin danda'u. Abbaan anaaf kan kenne hundinuu gara koo in dhufu." Argitanii? Karoora walfakkaataa; karaa wal fakkaataa.

73 Seexanni tureera—Seexanni akkuma isin irraa fuudhametti lafa irraa ni fuudhama. Seexanni isin dhiphisuu hin danda'u.... Inni nama qoruu danda'a, garuu Kiristaana lammata dhalate argachuu hin danda'u, sababiin isaas Waaqayyo uumamuu biyya lafaa irraa kaasee dursee isa argee, akka isa furuufis Yesuusiin erge, dhiigichis isaaf in dubbata. Akkamitti cubbuu hojjechuu danda'a utuu Waaqayyo birattillee hin argamin? Inni illee hin.... Wanti Inni dhaga'u sagalee kee qofa. Inni bakka bu'ummaa (representation) keessan ni arga! Ameen! Sun dhugaadha, ilaalaa.

74 Maluma wal fakkaatuun (biyya lafaa amaloota isaa keessaa tokko waan ta'eef akkuma isin amaloota isaa keessaa tokko taatan) biyyi lafaa amaloota isaa keessaa tokko ta'a, sababiin isaas jalqaba irratti yaada Waaqayyoo waan tureef: biyya lafaa qabaachuun, teessoo irra taa'uun, Mootii ta'uun, furii ilmaan namaa ta'uun, fayyisaa ta'uun; sun hundi amaloota isaati—akkuma amala keessan keessaa isa tokkoo.

75 Utuun waa'ee utuubaa tokkoo hin yaadin, "utubaa" jechuu. Utuun waa'ee nama tokkoo hin yaadin, "nama nana" jedhee isa waamuu hin danda'u. Nama sana yaadaan qabu immoo; ergasii "nama nana" jedheen waama, yaadni koo sun amala (attributed) kooti, ibsi (expression) isaas Sagalicha. Argitanii? Akkuma Isaayaasi—inni akkamitti durbi ni ulfoofti jechuu danda'e? Yaadni tokko maali?

76 Amma, baay'een keessan isaan kana in dinqifattu—hubannoon yaada garaa namaa (discernment) sun akkamitti dhufa? Ani isinitti himuufan deema. Ilaalaa, jecha tokkon dubbadha, innis yaada koo miti sababni isaas ani hin beeku. Yaada isaa hin beeku. Akkamittan eenyu akka taatanii fi eessaa akka dhufta isinitti hima, osoon isin hin beekin? Osoon jireenya koo keessatti isin argee hin beekin, waan isin waggaa kudhan dura hojjetan akkamittan isinitti hima? Waggaa kudhaniin booda eessaa akka hojjetanii fi maal akka hojjechuuf jirtan akkamittan isinitti hima? Waa'ee gara fuulduraa akkamittan beeka? Garuu inni

yaada nama biraati!

“Yaadni Kiristoos keessa ture isin keessa haa jiraatu.” “Yaadni Kiristoos keessa ture isin keessa haa jiraatu.” Ilaalaa, egaa inni yaada keessan miti; yaada isaatu isin keessa draba, isin dubbii mataa keessanii hin calaqqisiifan; dubbii isaa ibsaa jirtu malee.

77 Akkaataa kanaan obbollooni baay'een hiikkaa afaanii fi wantootaa irratti burjaaja'u. Ilaalaa, isaan waan sirrii hin taane dubbatu, sun seexana ta'uu isaa hin hubatan. “Iddoo dhaabaa Waaqayyoo keessatti moo?” Hanga sirriitti keessa darbinutti qofa eegaa. Ta'uu fi ta'uu dhiisuu isaa arguuf jirtu.

Inkirdaadaa fi qamadiin maasii tokko keessatti biqilu; lamaan isaanii iyyuu aduu tokkoo fi rooba tokkoon jiraatu, ilaalaa.

“Raajiin koo isin gidduu yoo jiraate, mul'ataan isatti of nan mul'isa, abjuudhaanis isatti nan dubbadha; wanti inni dubbatu yoo raawwatame immoo, sun Ana biraati, sababni isaas inni yaada isaa hin ibsu, yaada koo ibsaa jiraa malee! Amaloonni (attiribute) koo wantoota bakkeetti ba'uu qabanidha—afaan isaatti fayyadameen amaloota koo ibsa! Erga isaan dubbatee boodas, isaan dhufanii raawwatamuu qabu! Bantiin waaqaa fi lafti ni darbu Dubbiin koo garuu yoomiyyuu hin badu.”

Isaayaas “Dubartii in ulfoofti” jedhe. Sunis dhuma dubbii ti: isheen ulfaa'uuf jirti. Wanti Waaqayyo jedhe ni raawwata.

78 Oo, Inni callaqqeewwan (manifestations) isaa hundumaa karaa raajota isaatiin beeksisa, sababni isaas inni amaloota isaa kan yaada isaan ibsame waan ta'eef. Amma, kunoo inni dubartii xiqqoo kana keessa ture; isheen amaloota isaa keessaa tokko turte, ilaalaa.

Lubni ifa bakka bu'u tokkos achi ture: inni Macaafa Qulqulluu irraa isa baratee ture; Waaqayyo Waaqayyo ta'uu isaa baratee ture; jireenya qulqulla'aa jiraachuun sirrii ta'uu isaa baratee ture; seerri Waaqayyoo akka jiru baratee ture; inni yaada sammuu tiin baratee ture. Innis hidda dhalootaa sirrii irraa kan dhalate ture: inni qomoo Lewwii ture, garuu inni yaada sammuu duwwaadhaan beeka! Yeroo ifni sa'aatii sanaa.... Ilaalaa, wanti inni barate waa'ee waan kanaan dura ta'aa tureeti; waa'ee waan amma ta'aa jiruu miti—waa'ee waan ta'ee darbeeti. Waa'ee waan ta'aa jiruu yommuu argetti, waldaan isaa waa'ee kanaa homaa hin dubbanne, kanaaf, inni bakka bu'ummaa isaa hin qabu ture.

79 Garuu kunoo yeroo sanatti furtuun (redeemer) tokko amaloota Waaqayyoo sana furuuf lafa irra ture —isheen isa in amante.

Isheen takkaa gaaffii keessa galchitee hin beektu. Isheen, “Masihii yeroo dhufu, Inni kana ni raawwata” jette. Sunis dhuma dubbii ture. Isheen utuu raawwatamuu argite, kanaaf Inni, “Ani Masihicha,” isheedhaan jedhe. Sunis dhuma dubbii ture. Kana booda gaaffiin hin jiru; isheen nama hundumaatti waan argite himaa “Kottaa eenyu akkan argadhe ilaalaa” jedhaa deemte.

80 Adeemsi kun nu qulqulleessa—mana qulqullummaa iddoo jireenyaa isaaf ta'u nu taasisa: qajeelummaan, qulqullaa'uummaan, ibidda hafuura qulqulluun cuuphamuun mana qulqullummaa kana qulqulleessu.

81 Akkasumas akkuma caasaan (frame) biyya lafaa durii bishaaniin yeroo dhiqame hin badne—caasaan pilaaneetii, caasaan durii (xurii hundi, wanti Waaqayyo lafarra kaa'e hundi), yeroo addunyaan jalqabaa bade turetti hin badin hafe—Macaafni Qulqulluunis inni akka barbadaa'e dubbateera. Garuu gonkumaa caasaa sana hin balleessine; cubbuu fi cubbamoota isa irra turan qofa balleesse. Caasaan lafti irraa ijaarame sun ni hafe.

82 Garuu ilaalaa, akka qajeelummaatti (akkuma isin Baaptisitoonni fi Meetodistoonni itti yaaduu barbaaddanitti) ... qajeelummaa qofti, amanuu fi cuuphamuu qofti gahaa miti! Sana qofaa taanaan gara wantoota biyya lafaatti deebatiinii ni burjaajoftu; dubartoonni rifeensa murachuu fi uffata gabaabaa uffachuu, fi waan hunda hojjechuutti deebitu. Ilaalaa, hamga ammaatti wanti ta'e hin jiru. Duubatti deebitanii yommuu ilaaltan dogoggora hojjechuu keessan hubattu.

83 Qajeelummaan biyya lafaa maal godhe?—waan tokkollee godhee hin beeku; inni deebi'ee jalqabe, akkuma yeroo kamiyyuu cubbuu guddaatu ture. Namni waan godhutti ittuma caalaa deeme. Wanti lallabaan wangeelaa guddaan Biilii Giraaham ares isuma kana. Innis, “Ani iddoo tokko deemee namoota amanana kuma soddoma argadheen ture—waggaa tokko booda yommuun deebi'u nama soddoma iyyuu hin arganne” jedhe. Kana hunda hamma isaan fagoo deeman ilaalaa. Dhugumatti, isaan qalbii diddiirrataniiru. Yaada garaa akka geeddaratan nan amana—harki caalaan isaanii, ykn yoo xiqqaate gariin isaanii—garuu wanti barbaachisu sana miti. Inni asirratti isa mirkaneessa.

84 Amma, kanaaf hundeen biyya lafaa durii bishaaniin hin balleeffamne. Biyyi lafaa ni dhiqamte qofa. Sun cuuphaa ishee argatte; ni cuuphamte. Akkasumas isheen ibiddaan haa gubattu iyyuu malee hundeen ishee ni hafa. Inni Lafa hin balleessu, ilaalaa, cubbuu ishee irra jiru qofa balleessa malee.

85 Asitti hubadhaa, isin keessaa namoonni tokko tokko barattoota Macaafa Qulqulluu ti (keessumaa Dr. Vayle gara koo ilaalaa jira). Hubadhaa, Pheexiroos keessatti, Pheexiroos boqonnaa 2ffaa ... boqonnaa 3ffaa jechuu koo ti, jecha biyya lafaa jedhu akka jecha Giriikii, koosmos (cosmos) jechuudha, hiikni isaas sirna biyya lafaa (world Order) jechuu dha. Lafti ni darbiti—elementoonni ishee ho'a cimaadhaan ni baqu. Argitanii? Lafti, pilaanetiin, darbuuf jirti jechuu miti, garuu biyyi lafaa, koosmoos ni darba-siyaasni ni darba, cubbamtoonni, sirni, cubbuun, dhukkubni, jarmiin, wanti dogoggora ta'e hundi ni darba. Waan hundumaa akka inni... al tokko ... Waaqayyo al tokko bantii waaqaa raase, yeroo kana garuu lafa nan raasaa jedhe—bantii waaqaa fi lafaa. Inni lafa raase, kanaa mannaa, eгаа; yeroo kana Inni bantii waaqaa ni raasa. Argitanii? Mootummaa socho'uu hin dandeenye, mootummaa bara baraa argachuuf jirra. Akkamitti akka kana gochu ilaalaa.

86 Asitti hubadhaa, Pheexiroos, “Lafti, wanti isa iarratti hojjetame hundinuus gubatanii in badu” jedhe—pilaaneetii miti, hojjiwwan ishee keessa jirantu gubata malee: hojii namaa. Namoonni siyaasaa isaanii hundi, shirri isaanii hundi, fi waldoonni isaanii fi shirri nam tolcheen hundi isaanii yeroo inni gubatutti isaa wajjin in badu.

87 “Bantiwwaan waaqaa sagalee guddisee didichuun ni dhidhimu.” Asirratti hubattaniittuu? “Bantiwwan waaqaa sagalee guddisee didichuun ni dhidhimu.” Dhaggeeffadhaa, lafti guutummaatti ibiddaan gubamtee gaazonni lafa keessaa jiran dho'anii ibiddi ni qabta. Sirriidhumatti.

Macaafni Qulqulluun asitti akkas jedheera—Pheexros, “Bantiin waaqaa (laftis) sagalee guddisee diddichuun ni dhidhimu” jedheera. Dho'iinsi akkasii isa ni raasa, Oo, waaqa ko!—sababni isaas dhukkuba hunda, baalaanwaraantee hunda, qoraattii hunda, waan hojjetamuu qabu hunda ibiddi gubaa ni balleessa! Akkasumas yaadadhaa, walumatti qabaatti ibiddi qabatamaa miti qofaa miti; akkasumas ibidda qulqulluu (argitaa?) isa Seexanaa fi wanta kan seexanaa hunda ... hunda irraa fudhatudha. Bantiin waaqaa fi lafti (ameen) lamaan isaanii iyyuu ni darbu, jarmii hunda, ilbiisota hunda, lubbuu uumamaa kan ishee irra jiruu fi naannoo ishee jiru hunda ni ajjeesa, H2O, bishaanni illee ni dhoo'a. Mee itti yaadaa! Waa'ee sagalee guddisee diddichuu sanaa haasa'aa meel!

Sagalee xiqqoo as Tucson keessatti dhaga'ame sun waan tokko ture jettanii yaaddu, yeroo Inni Mallattowwan ja'a bane biyya naannoo sanatti argamu raasee fi haasa'aa ta'ee sana yaadaa, hanga lafti kun cuuphaa ishee fudhattutti eegaa!

88 Ni Beektu, namni tokko yeroo cuuphaa ibiddaa argatu naannoo sanatti sagaleen guddaan ni dhagahama. Akkasitti yommuu iyyanii fi caraanan dhaga'uun namootaa qaanii isaanitti fakkaata. Lafti kun cuuphaa ishee yommuu cuuphamtu eegaa. Eeyyee, ni ibsa—, H2O, bishaan ni dhoosa, sababiin isaas Macaafni Qulqulluun Mul'ata 21 kana irratti, “Sana booda galaanni hin jiraatu.” Ni dhoosa.

Kunis guutummaa irra lafaa ni jijjiira! Isheen dhootee ni bittinnoofti. Irri lafaa, keessi lafaas hanga faana dhibbaan lakkaa'amaniitti keessa gadi seenee, salphumatti guutummaatti ni diigamti. Atimoosferri, gaazotni, amma lafa keessa jiran, bakka isaan misaa'eloota kana keessa darbarsuu hin dandeenyetu jira—ispheerii (sphere) guddaa ol achi keessa, karaa ol ka'ee baqaana isfeerii isa ol aanaa keessatti, akka—gaasii gosa hundumaatu jira jedhu, sun ni dhoo'a! Dheekkamsi qulqulluun Waaqayyoo isa irratti ni dhufa, Inni isa ni qulqulleessa—guutummaa fuula isaa ni jijjiira.

89 Amma, baay'een keessan warri jecha kana barreeffachuu barbaaddan, jechichi jecha Giriikii ti. Inni jecha.... jedhu irraa kan dhufedha. Maal jechuu akka ta'e barbaaduun qaba. “Akkamitti biyyi lafaa kun ni darbiti erga ta'ee, attami immoo ishee irra jiraanna?” jedheen yaadan ture. Garuu ni hubattu yoo ta'e (namoota qabachuu barbaaddaniif, isiniifan qubeessa; an jechicha sagaleessuu sagaleessuu hin dandeenye), p-a-r-e-r-e-c-h-o-m-i-a; Akkamitti akka inni dubbifamu ani hin beeku.

Amma, karaa sanaan akkuman jedhe, yeroon argadhutti—geggeessaan Hafuura Qulqulluu waan tokkoof natti bu'a, sana booda jecha sana barbaaduuttan deebi'a. Amma kunoo jecha kana qubeessuu hin danda'u ... jechicha sagaleessuu hin danda'u. Garuu sanuma keessatti Gooftaan amma iyyuu karaa naaf kenneera: Jechi sun maal jechuu akka ta'e dhaqeen barbaade; sana booda argadhe! Sana booda ammas argadhe. “Bantiin waaqaa fi lafti ni darbu” ilaalaa. Amma, jechi kun, bifa tokko irraa gara bifa biraatti darbuu jechuudha. Kana jechuun, balleessuu ykn barbadeessuu jechuu miti. Akka jechi Ingiliffaa jedhutti, darbuu (pass way) jechuun; dhabamuu jechuu dha. Garuu jechi Ibrootaa—ykn jechi Giriikii asitti du'uu jechuu miti; kana jechuun, waan tokko irraa gara waan biraatti darbuu jechuudha. Ilaalaa, garuu haala tokko irraa, gara kan biraatti darbuu dha.

90 Amma hubadhu, Phaawuloos jecha kanatti fayyadameera (yoo dubbisuu barbaaddan—amma qabattanii booda dubbisuu dandeessu), Tiitoo 3:5 keessatti. Phaawuloos jecha wal fakkaatu kana fayyadameera: jechuun lammata dhalachuu namaa (regeneration of man) jechuudha—namni cubbamaa irraa gara isa qulqulluutti akka darbu malee guutummaatti akka hin balleeffamne ibseera. Namni yeroo jijjiiramu hin balleeffamu, garuu nama jijjiirame ta'a. Inni waan kanaan dura ture irraa gara waan amma jiruutti jijjiirama malee hin balleeffamu.

91 Yesus jecha wal fakkaatu Maatewos 19:28 irratti fayyadameera—amma 28:19 irratti utuu hin ta'in 19:28 irratti. Innis, "Mootummaa Abbaa koo keessa anaa wajjin in jiraattu" jedhe—haaraa taatanii dhalattu, ilaalaa, ni jijjiiramtu—yeroo sanatti ni jijjiiramtu. Jecha wal fakkaatutti fayyadameera. Innis yeroo ilmoo harree sanaan jedhes kana fayyadameera; "Ilmoo harree sana hiikaa gadi dhiisaa" jedhe. Du'aa ka'uu Alaazaar irrattis kanuma jedhe, "Isa hiikaa"—isa jijjiiraa jedhe! Hidhamee jiraa—gadhiisaa!

Maal jechuudha? Lafti harka Seexanaa jalaa ni hiikamti! Ni hiikamati! Siyaasa irraa ni hiikamti; mootummaa Waaqayyoo akka ooluttutti hundeesuuf sirna amantii waldaa irraa ni hiikamti. Garuu hanga harka Seexanaa keessa jirutti, siyaasni—Seexanni bulchaa lafaati, inni gooftummaa irratti qaba ture. Lafti kan isaa turte, amma garuu Kiristoos isa fureera!

92 Ani yeroo tokko qabeenya isaan ture, garuu amma kan isaa miti. Yeroo tokko dubartii xiqqoo sun qabeenya isaa turte, amma garuu kan isaa miti (argitanii?), Inni dhufee hidhaa ishee hiike. Yesuus jireenya koo irraa, jireenya keessan irraa, hidhaa cubbuu Seexanaa hiike, amma nuti kan isaa miti! Yeroo baay'ee kadhannaa keessatti "Harka kee qabeenya Waaqayyoo irraa kaasi" jedhee yeroon dubbadhu dhageessanii? Ameen! Qabeenya keessan falmachuuf amantii qabaadhaa. Sun mirga keessani. "Harka kee ishee irraa kaasi!" "Harka kee isarraa kaasi!" Argitanii? Amantiin isa ni raawwachiisa.

Yaa anaa! Balleessuu miti, "Harka kee irraa kaasi" qofa malee—hiikanii gadi dhiisuu dha; haa deemu; dabarsaa. Inni ni jijjiirama; lafti ni jijjiiramti; siyaasni ni jijjiirama; amantiwwan ni jijjiiramu; waldoonni ni darbu; siyaasni ni darba—mootummaan Waaqayyoo ni hundeeffama.

93 Macaafni Qulqulluun akkas jedheera.... Yohaannis, "Bantiwwan waaqaa fi lafti akka macaafa maramuu danda'uutti utuu maramuu nan arge," jedhe. Mul'ata 6:14. Yesus, "Waaqnii fi lafti ni darbu" jedhe ykn jecha biraatiin waaqnii fi lafti ni jijjiiramu jedheera. Jecha wal fakkaatu sana ammas achitti fayyadame malee hin balleessine. Sababni isaas booda Mul'ata 21:2-24 irratti Yerusaalem haaraan waaqa irraa Waaqayyoo biraa gadi bu'ee lafa kana irra taa'uu ishee arge. Ni barbadoofti (annihilated) jechuu miti. Sirnoonni ishee ni jijjiiramu jechuudha malee.

94 Daani'eel kanuma arge; dhagaan tokko biyya lafaa rukute—utuu harki namaa itti hin bu'in foxxoqee, fakkii sirnoota sanaa hunda caccabsee hurreessee akka habaqii bonaa isa lafa oobdii midhaanii ta'e; hurraan isaa tokko illee akka hin hafnettis qilleensi isa fudhatee sokke; dhagichi inni fakkeenycha rukute garuu tulluu guddaa ta'ee biyya lafaa guute. Mee yeroo xiqqoodhaaf tulluu sana ilaalaa; tulluun sun guutummaa biyya lafaa guute.

Akkasumas, asitti isa ni arganna—Akkasumas Mul'ata achii keessatti, "Sabni ifa isheetiin in deddeebi'u, mootonni biyya lafaas wanta ulfina qabu isaan bira jiru gara isheetti in fidu" jedheera. Lafa ishee qopheeffamaa jirtu keessatti ... Yerusaalem Haaraan lafa kana irra teessee jirti. Ilaalaa, ni jijjiiramti.

95 Isin yeroo Waaqayyoo isin waame boca namummaa (statue) amma qabdan kana qabdu turtan—dhiirris dubartiinis. Garuu waan namummaa sanarratti ta'e ilaalaa—dhaloota haaraa (regereneration) ta'e: jireenyi durii ni darbe; fedhiin durii ni darbe. Duraan dhugdani machooftu, nama arrabsitu, nama qoccoltu, ni aartu, asii fi achi labdu, akkasumas safuu malee jiraattu ta'a ... wantoonni sun hundi amma du'eera. Argitanii? Amma garuu dhiiftaniittu.... Gaafas isin qodaa seexanaa turtan, amma furamtanii jirtu. Akkuma keessan bantiin waaqaa haraa fi lafti haaraa ta'uuf jira—isin uumama haaraa dha. Jechi Giriikii achi jirus (namni kamuu ni beeka) isin uumama haaraadha jedha. Ameen! Uumamni haaraan manuma qulqullummaa isa durii sana keessatti ni ta'a! Haleeluiyaa! Waan asitti ta'u amma ilaalaa. Ulfaadhu! Ba'eessa.

96 Amma lafti kun mootota lafaarraa akka qabattu argina, ammas Maatewos 5:5 irratti Yesus "Warri garraamiin haa gammadan, isaan biyya abdachiifame in dhaalu" jedheera. Akkas ta'uuf deema miti—lafa biraa uumuuf deema miti; lafuma ishee amma jirtu ta'uuf deema. Karoora furuu kana duraan dursee isin biraan ga'uuf yaalaan jira—yoon waan biraa hin argadhu ta'e, ilaalaa.

Cuuphaan ibiddaa isa irratti dhufu isa qulqulleessee, warri garraamoonni akka irra jiraataniif bakka mijattuu gochuufidha. Argitanii? Maaloo! Akkuma isa Inni nu godheeti—uumama kana keessa jiraachuuf—Inni osoo uumama kana keessa hin dhufin dura, cuuphaa ibiddaan nu cuuphuu qaba ture; sana booda Hafuurri Qulqulluu keessa seenee jiraata—cuuphaa ibiddaa. Sana booda, erga cuuphaa ibiddaan cuuphamtanii booda booda Hafuurri Qulqulluun isin keessa buufachuu danda'a Erga seenee hoo? Waan faallaa Dubbichaa ta'e hunda isin keessaa gubee baasa. Argitanii? Inni Sagalicha malee waan kan biraa hin amanu, sababni isaas inni Sagalicha waan ta'eef.

97 Waa'ee kanaa guyyaa tokko irratti dubbachaa turrerra— waa'ee ragaa Hafuura Qulqulluu, ilaalaa. Ragaan Hafuura Qulqulluu qabaachuu keessanii yeroo Dubbicha fudhachuu dandeessani dha, sirna tokko tokko osoo qabaachuu osoo hin taane, hubannoo Sagalichaa ifaa ta'e qabaachuu dha. Akkamitti Dubbiin ifa ta'e hubatta...? Yeroo inni of mirkaneessu ilaalaa. "Eeyyee, ani kana godheera, sana godheera...." in jetta. Oo, eeyyee, Inkirdaadis akkasumatti jiraata (argitee?) garuu guutummaa Sagalichaa ta'uu qaba! Misirroo Isaa ta'uuf qaama Isaa ta'uu qabdu; Inni Sagalee dha. Argitanii? Qaamni Isaa immoo maali?

Qaamni Isaa Dubbii Sagalee Isaa isa guyyaa kanaaf waadaa gale, isa yeroo Inni misirroo isaa waamuti. Isin qaama sanaati. Argitanii? Amma, amma sana hin ... hin dhabinaa. Hubadhaa. Akkasumas iddoo bara baraan keessa jiraachuuf mijattu ishee taasisa.

98 Hubadhaa, kun ammallee hin eeramne, bulchiinsi bara kumaa kun, waggoonni kuma, lafa haaraa miti, ilaalaa. Bulchiinsi mileniyeemii bulchiinsa adda ta'edha. Kana keessa seenna, mileniyeemiin garuu lafa haaraa fi waaqa haaraa miti. Lakki, lakki, sun bakka boqonnaa qofa (ilaalaa), yeroo boqonnaati. Tasumaa bantii waaqaa haaraa fi lafa haaraa keessa miti. Ilaalaa, mileniyeemii keessatti wantoota sana keessa hin seenne qabna. Innis fakkeenya guyyaa torbaffaa durii Eden keessaa ba'eeti, fakkeenya guyyaa torbaffaa isa erga Inni biyya lafaa uume boodaati. Inni Eden keessatti guyyaa torbaffaatti ni boqote.

Akkasuma bar-kumeetti....

99 Ilaalaa, biyyi lafaa amma ... gara waggaa kuma ja'aatti dhiyaattee jirti. Ilaalaa, biyyi lafaa waggaa kuma lama lamaan al tokko badiisa keessummeessiti. Argitanii? Waggoota kuma lamaan duraa: bishaan badiisaatu dhufe, innis maaliin cuuphame? Bishaaniin. Kuma lama itti aanu: Yesus qulqulleessee falmachuuf dhufe, Inni dhiiga isaa irratti lolaasee, kan Isaa godhee labse.

Ba'eessa, "Ammas deebi'ee nan dhufa" jedhe—amma mootittii isaa wajjin mootii ta'ee dhufa. Waggaa kuma lamaan isa lammaffaatti immoo maal hojjeta? Inni dhufee yeroo boqonnaa isaa kennee, sana booda ishee gubee kan ofii isaatii godhee dhuunfata, dugda isaa isheetti gata. Akkasumas hubadhaa, biyya lafaa ishee mudaa hin qabnee osoo hin taane, barkumeen kun fakkeenya guyyaa torbaffaati. Sana booda firdii teessoo adiiitu dhufa. Ilaalaa, amma iyyuu firdii keessa jirra; ammallee yeroo keessa jirru yeroo bar-kumeeti. Guyyaan tokko, waggaa kuma tokko. Innis elementii yerooti. Hin.... Amma waa'ee lafa haaraa wajjin wal isinitti hin fakkaatin, sababni isaas inni isa miti.

100 Isin akkas naan jechuu dandeessu ... ani amma....Namni tokko akkas naan jechuu danda'a ta'a, "Amma obboleessa koo Biraanhaam, amma maal gochuuf deemta? Torban kee guutuun dhumeera. Amma maal gochuuf deemta? Amma ati qooqqoodduu baraa (dispensationalist) dha." (anis dhuguma akkasi dha, Waaqayyos akkas akka ta'e nan amana). Kanaafuu—hubadhu, "Gosoota 'dispensation' fixxeetta, kanaaf guyyaa torbaffaa sana bira darbitee waan tokko kaa'uuf jirtaa, akkamitti argachuuf jirta? Amma eessa deemta?" in jettu.

Tole, xiyyeeffannaa keessan waan tokkotti akka ta'u nan jedha, ilaalaa. Ani hin baane—ammallee goodiinsaa baraa (dispensations) keessaa hin baane. Caaffata Qulqullaa'oo kan biraa asitti argadheera. Akkasumas hundi isaa raawwatamuu akka qabu ni yaadattu, tokko illee utuu hin hafin raawwatamuu qaba, ilaalaa.

101 Amma isin, "Obboleessa Biraanhaam, guyyaa torbaffaa sana, sanbata guyyaa torbaffaa sana bira darbitee waan tokko achi fageessitee kaa'uuf yaalaa jirta" in jettu. Inni Waaqayyo guyyaa ja'a itti dadhabee lafa uumee guyyaa torbaffaatti boqotee sun fakkeenya yeroo qofa ture—yeroo dha, garuu asitti kan bara baraa (eternal) taana jedheen jira!

"Kanaafuu amma fakkeenya kee eessa jira? 'Ogeessa fakkeenya' ta'uu kee dubbachaa waan turteef, kaniifis ati—amma fakkeenyonni si jalaa dhumaniiru" in jettu. Lakki hin dhumne. Mee qabaachuu keenya haa barru.

102 Mee gara Lewwootaatti haa deebinu—Lewwoota boqonnaa 23ffaatti deebi'aa. Seera Lewotaa keessaa iddoo Sambata darbe, ykn isa darbe eessa akka turre akka hubattan nan barbaada.... Asitti yaada tokko kan naaf kenne kutaa sana dha. Seera Lewotaa boqonnaa 23ffaa fi lakkoofsa 26ffaa. Amma yaadadhaa, guyyoota ayyaanaa torbatu jira: ayyaana waggaa haaraa, ayyaana godoo qulqullaa'aa, ayyaana makarii, kana hundumaa. Guyyoonni ayyaana gurguddaan torba kan fakkeenya bara waldaa torbanii ture. Tokko fi isa kaan gidduutti immoo sanbati meeqa akka ture ni yaadattuu? Ilaalaa, ayyaana Pheenxeqoosxee fi ayyaana malakataa gidduutti sanbata torbtu jira, innis bara waldaa torbaa ture. Akkasumas guyyoota ayyaanaa torba kan bara waldaa torban bakka bu'an ture. Lakkoofsa keessan sirritti qabadhaa.

103 Tole amma obboleessa Biraanhaam, fiigdee dhume. Torban kee argatte." Tole, mee ayyaana isa dhumaa haa fudhannu, innis ayyaana godoo qulqullaa'aa ture. Amma hubadhu, asitti keeyyata 36ffaa keessatti:

Guyyaa torba ... aarsaa ibiddaa irraa hojjetame Waaqayyoof in dhiheessitu: guyyaa saddeettaffaatti walga'iin qulqulluun [yeroon qulqulluun kan biraan ni dhufa] walga'iin qulqulluun isiniif in ta'a; aarsaa ibiddaan dhihaate immoo Yihowaadhaaf in dhiheessita; achi keessattis hojii garbummaa hin hojjetinaa.

Amma guyyaa saddeettaffaa arganne. Amma, guyyaa torba qofatu jira, garuu kunoo waa'ee haasawa qulqulluu guyyaa saddeettaffaa ... walga'ii dubbanna. Hubadhaa, hojii tokkollee keessa hin hojjetinaa. Guyyaan saddeettamaa maal ta'a?—gara guyyaa jalqabaatti deebi'a! Maaliif, waa'ee bara baraa dubbata, akkuma isheen bakka dhaabbatu malee naanna'aa jirtuu. Ameen! Argitaa?

104 Hubadhaa, guyyaa saddeettaffaa kana, guyyaa dhumaa, guyyaa ayyaana godoo qulqullaa'aa kanas ture; hubadhu, sana booda, guyyaa ayyaana isa dhumaa booda, bara waldaa isa dhumaa booda, guyyoota torba guutuu isa dhumaa booda lafa irratti, waggaa kumaa booda waamichi qulqulluun kun akka dhufu.

Kun ayyaana godoo qulqullaa'aa, iddoo walitti qabamuu akka ta'e yaadadhaa. Ameen! Waggaa kumaa keessa jirra, Macaafni Qulqulluun, "Mana ni ijaaru; isaan in jiraatu." Lafa haaraa keessatti garuu dursee deemee iddoo sana qopheessee jira; ijaarameera. Ijaarsa isaa waliin waan wal qabatu hin qabnu. Ameen! Kan barabaraa! Yaa, Dubbii sana qofan jaalladha! Kan koo, walga'ii qulqulluu, guyyaa saddeettaffaa (kan guyyaa torba qofa ta'e), achiis guyyaa saddeettaffaa, kan ammas guyyaa jalqabaatti deebi'u (sirriitti guyyaa jalqabaatti deebi'a), guyyaan saddeettaffaan walga'ii qulqulluudha.

105 Hubadhu, guyyaan torba uumama durii, yeroo addunyaa qofa wajjin wal qabata. Guyyaa torba—kun waggaa kumaa, guyyaa boqonnaati. Akkuma Waaqayyo guyyaa jaha dhama'ee, torbaffaa boqote, waldaan guyyaa ja'a dhama'ee torbaffaa boqotti. Garuu ammallee elementii yeroo keessa jirta. Ani waa'ee bara baraa hin dubbadhu. Garuu argitee guyyaa saddeet jedhamu hin jiru; ammas guyyaa jalqabaatti deebita! Ilaaluu? Guyyaa jalqabaa.

106 Sanbatichi waa'ee seera durii isa darbuu ture, sanbata eeguu, isa darbe, yookaan gara kan biraatti jijjiirame jedheera. Hin darbine; seera durii torban keessaa guyyaa murtaa'e eeguu irraa qofa jijjiirame. Isaayaas boqonnaa 19ffaan akkas jedhe (28:19 nan amana)—jedhe, "Ajajni ajaja irratti ta'uu qaba; asitti xiqqoo achi xiqqoo; waan gaarii ta'e sana jabeessitee qabadhu; funyaan gungumaa fi arraba kan biraa saba kana nan dubbadha, kan hafes kunooti." Argitu, ati guyyaa ykn gaaddidduu hin eegin gara jireenyaatti galta. Phaawuloos achitti Ibroota boqonnaa 4ffaa keessatti, "Isin guyyaa, gaaddidduu fi wantoota akkasii eegdu; Muuxannoo kee sodaadheera." Argitu, guyyoota murtaa'oo fi ajaja murtaa'an keessa hin darbinu. Du'a irraa gara jireenya bara baraatti darbita-guyyaa fi yeroo miti; gara bara baraatti darbita. Sun haasawa qulqulluudha-walgahii, kanaa mannaa.

107 Guyyaa torba, maali?—kan darbu, ykn ani jedhe, gara kan biraatti ni jijjiirama. Guyyoonni saddeet waa'ee uumama haaraa ilaala. Uumama moofaa osoo hin taane ilaalaa; guyyaa saddeet uumama haaraa dha. Gooftaan keenya du'aa kaase guyyaa saddeettaffaa waan ta'eef! Walgahiin keessan inni biraan jira-qulqullummaa, sanbata tasumaa osoo hin ilaalin, yookaan ayyaana dunkaana, ayyaana kanaa, ayyaana Pheenxeqoosxee. Yesus guyyaa saddeettaffaatti qajeelummaa keenyaaf du'aa ka'e! Sanbata torba ykn guyyaa torba, bara waldaa torba booda, Yesus du'aa kaase! Guyyaa saddeettaffaa, innis Walgahii Qulqulluu (argaa?), innis guyyaa jalqabaati. Argitu, yeroo darbee ammas gara bara baraatti kufteetta, guyyoota eeguu miti, fi sanbataa fi ji'a haaraa eeguu, fi wantoota akkasii, garuu darbiteetta; bifa kee jijjiirte, hin balleessine (Ulfina!), garuu du'a irraa gara jireenya bara baraatti darbe! Yaa Macaafni Qulqulluun maal nu barsiisa! Ilaaluu? Tokko irraa gara isa kaaniitti darbe.

108 Tole, darbe—sanbata durii darbe. Yesuus guyyaa saddeetitti kaase. Guyyaan sun guyyaa kabajamaa ture, qulqulluu, guyyaas miti, 'sababni isaas guyyaan, yeroon tokko dhumeera. Gara bara baraatti darbe. Ammas guyyaa jalqabaatti deebi'ee akka lulluuqame, ilaalaa.

Ilaalaa, bara baraan akka ringii ti; golee tokkollee itti hin argattu; geengoo mudaa hin qabne keessatti bakka dhaabbachuu hin dandeessu. Itti fuftee itti fufta. Hammam akka deemtu na hin dhibu, ammallee deemta. Akkasitti naanna'uu jalqabda; lafa keessa darbuu; lafa keessa darbi; lafa bira darbaa; ammas deemaa jirta [bakka duwwaa teepii irratti] ... as gadi uumame seexanaan jallaa (kan hin uumamne), yeroo bilbilli warqee guddaan bilbilamee fi xurumbaa dhaga'amu ni kufa. Achittis deebi'ee jalqaba bakka utubaan hidhaa Eden keessatti hojjetame, namni gara lafaa dhufee yeroo kufe, hoolaan xiqqoo dhiiga isaa dhangalaase; kan waa'ee Hoolicha guddichi dhiiga isaa dhangalaasuuf dhufaa ture dubbate. Kaalvaariin fannoo, kan Kakuu Moofaatiif hidhame warra qajeelan, barbaadanitti kaase. Akkasumas bara haaraa kana keessatti, dhufaatii Gooftaa irratti, lafa haaraa irratti, funyoon fayyinaa, dhiiga, humna furame kan ani waa'ee isaa dubbachaa jiru, karaa sirna wal fakkaatuun namaa fi lafa fureera; ammas hamma bara baraatti ni ka'a. Haroon ibiddaas waan Waaqayyoon hin sodaanne fi dursee hin murtoofne hunda ni nyaata. Argitaa?

109 Hubadhu, guyyaa saddeettaffaa Yesus qajeelummaa keenyaaf mootii bara baraa mootummaa bara baraa wajjin akka itti cuuphamuuf gara jireenya bara baraatti kaase. Guyyaa torba miti; guyyoota sana keessaa tokkollee wajjin waan wal qabatu hin qabu ture. Waa'ee dhufaatii bara baraa kan biraa dubbachaa jira; waa'ee yeroo bara baraa dubbachaa jira—addunyaa ani waa'ee isaa dubbachaa jiru.

110 Hubadhaa, guyyaa shantama ykn sanbata torba booda achi irraa deebi'ee walga'iin qulqulluun kan biraa ni dhufa. Waan ta'e? Hafuurri Qulqulluun guyyaa Pheenxeqoosxee, guyyaa torbaffaa ykn guyyaa saddeettaffaa irra caalaa kufe. Guyyaa saddeettaffaa—guyyaa saddeettaffaatti kufe sanbata torba booda ture, sirriitti erga du'aa ka'ee booda, ilaali. Kanaafuu ammas dachaa torba ta'a; ammas guyyaa jalqabaa torbanitti naannoo sanatti si deebisee fida. Sirriitti, ilaalaa.

111 Waamichi qulqulluun kee jira, waan jecha jechaatti waan wal qabatu hin qabdu; sanaa ol ta'eera.

Jireenya bara baraa wajjin gara mootummaa Waaqayyootti, kan dursee murtaa'ee fi gonkumaa hin jalqabne waliin! Guyyaa kamittuu jalqabee hin beeku. Guyyaa kamittuu hin fayyine! Yeroo hundumaa fayyite. Yesus sana furuuf qofa dhufe, garuu jalqabarraa jireenya bara baraa waan qabduuf fayyite.

112 Qurxummiin trout gonkumaa gar ykn tadpole ta'uu hin danda'u. Inni bishaan tokko keessa isa waliin ta'uu danda'a, garuu jalqabarraa kaasee nama 'trout' ture. Toora qofa isa qabe, argi, garuu inni jalqabarraa kaasee akkas ture. Ni jira.... Amma, nuti dispensations keessaa hin baane mitii? Sirritti Caaffata Qulqullaa'oo keessa jirra. Guyyaa shantama booda ni dhufa.

113 Ilaali, saddeet torbaniin lakkaa'amuu hin danda'u. Argitu, lakkaa'amuu hin danda'u, torban tokko keessatti guyyaa saddeet; gochuu hin dandeessu (argitaa?), sababiin isaas torban tokko keessatti guyyaa torba qofatu jira. Akka barbaaddetti lakkaa'i; Wiixata guyyaa jalqabaa torbanitti. Ilaaluu? Torba lakkooftee, deebitee seentee irra deebitee jalqabuu qabda. Torba lakkaa'ii deebi'ii deebi'ii irra deebi'i.

114 Ilaalaa, akkasumas gosoota kana hundumaa as keessa jiraanna, garuu yeroo saddeettamaa rukuttu gara bara baraatti itti fufta.

Seera, fi sirna, fi ajaja hin dhuftu, dursitee dhufta. Ameen! Walgahiin qulqulluun dhugaan jira. Argitu, bara waldaa torbaffaas xumuraa jirra-bara waldaa, bara Pheenxeqoosxee. Argitaa? Walgahii qulqulluu sanatti seena jirra! Bara bara dhugaa, dhugaa sanatti seena jirra, bakka waldaan buufata tokkotti, waldaa tokko tokkotti osoo hin taane, Mootii ishee bara baraa wajjin bara baraatti waamamte. Tasumaa hin qabnu. Guyyaa fi waan fi yeroo jedhamu hin jiru. Bara baraatti darbiteetta, bakka ati dhufte. Jalqaba irratti achi turte.

115 Jireenya bara baraa yoo argatte bifa tokko qofatu jira; sun Waaqayyo, ati immoo amalli ibsamedha. Ilaaluu? Yoo hin taane ta'e akkamiin iyyuu achitti hin argamtu. "Abbaan koo yoo isa harkise malee namni gara koo dhufuu hin danda'u." Argi, inni waan durii kana hunda darbu, wanti kun garuu hin darbu, kanaaf waa'ee bara baraa dubbata.

Hafuurri Qulqulluun bara baraa dha. Sana booda bara baraan bakka yeroo hunda turtetti jirta, garuu waan ta'e reefuu adda baafteetta. Argitu, ati kaayyoo bara baraatiif kan uumamte, sababni isaas ati turte—mul'ata amalli Waaqayyo keessa ture kan si yaadee si ibsu, akkasumas lafa akka si baasu, fi nama si godhu uume; cubbuun immoo dhufee karaa isaa jallise. Ati akkanumatti dhufta, garuu addunyaa wajjin bade, kanaaf Inni dhufee si furu, amalli ibsame, akkasumas dachee kanas haala wal fakkaatuun fureera. Sana booda kaayyoon isaa itti roll on. Ilaaluu? Haleeluiyaa! Yaa, sun baay'ee gaarii naaf godha! Wanta fuuldura keenya jiru qofa yaadi.

116 Amma Efesoon 1:10 keessatti, ni jedhama (amma, yoo lafa kaa'aa jirta ta'e—Efesoon 1:10)—innis jedhama, bara miti, guyyaa torbaffaa miti; guutummaa yeroo jedhama. Yeroo guutummaan yeroo ga'es-yeroo sanatti yeroon raawwatame, yeroo yeroon kana booda hin jirre, sana booda gara bara baraatti seenta. Barri waldaa torbaffaa erga xumuramee booda (innis ni xumurama); Barri Luuter darbeera; Umuriin Meetodistii darbeera; Barri Pheenxeqoosxee darbeera, amma immoo maal keessa seenta? Bara baraan. Kana booda torba hin jiru; kana booda sadii hin jiru; kana booda ... bara baraa kamiyyuu, bakka yeroon akka lakkoofsa, fi yeroon, fi wantoota hin jirretti. Ameen! Yaa koo! Argitaa?

117 Amma ...ykn yeroon erga raawwatamee booda. Cubbuun hundinuu badeera-waggaa kumaatti, firdii teessoo adii guddaa irratti-fakkeenya Hafuura Qulqulluu. Biyyi lafaa erga ibidda qabdee cuuphamtee booda, cuuphaa ishee ibidda qulqulluu samii irraa; cubbuun hundinuu badeera; jarmii hunduu badeera; seexanni hundinuu badeera; qormaanni hundinuu badeera; hammeenya hundi badeera (amma barreessi). Ergasii Waaqayyo maal godha? Inni lafa irra taa'uu danda'a (argi), cubbuun hundi waan badeef.

118 Cuphaa hafuura qulqulluu ibiddaan siif kennus kanuma. Inni dhufee si wajjin jiraachuu ni danda'a, nuti immoo Kiristoos Yesuus keessatti iddoowwan samii taa'uu dandeenya, sababiin isaas nuti duruu isa keessa jirra! Nuti hin taanu, amma, Kiristoos Yesuus keessa taa'aa jirra! Akkamitti itti seenna?—cuuphaa Hafuura Qulqulluu tokkoon. Hafuura tokkoon hundi keenya gara Kiristoositti cuuphamneerra, isa amma jirru-Kiristoos keessa hin jirru, nuti! Inni Mootii hafuuraa guddaa hafuura nu keessa jiru irratti, sababni isaas jalqaba irratti isa keessa turre.

119 Ilaalaa, Waaqayyo jalqaba irratti, yeroo si yaade, namoota biroos yaade, akkasitti, ofii isaatii qabatamaa ta'uu isaa yaade. Sun yaada isaa ture (argi?), kanaaf Yaada isaa maaliin ibse? Innis, "Haa jiraatu! Haa jiraatu"—ni tures! "Haa jiraatu"—innis ture. Sana booda yeroo booda "Haa jiraatu" jechuu isaa itti fufe, hamma namoonni guyyaa tokko "Waaqayyo hin dubbatin" jedhanitti. Innis, "Ergasii karaa raajii isaan haasa'a" jedhe. Ilaaluu? "Kana irraa kaasee karaa raajii isaan haasa'a." Raajichis, "Ni dhufa! Ni jiraata!" Innis ni ta'e, ni ta'es, ni ta'es, ni ta'es! Argitee?—akkasuma. Amma argatta?

120 Yeroon erga raawwatamee booda, guutummaan yeroo dhufeera. Cubbuun badeera, cuuphaa biyya lafaa booda—cuuphaan biyya lafaa bakka mijatu erga godhee booda: dhukkubni hin jiru; jarmii hin qabu; qoree hin qabu; qamadii hin qabu; du'a hin jiru; gadda hin qabu; garaa dhukkubbii hin qabu; dulloomuu

hin qabu; wanti du'a bakka bu'u hin jiru; homaa hin taane, sirrii dha; wanti uumamaa hin jiru—bara baraa. Sana booda amalli isaa ni ibsama, sababiin isaas jalqaba irratti jalqaba achi ture. Akkas jedhee yaade.

121 Ergasii maaltu ta'e? Addaamiifi Hewwaan lafarra as kaa'ee, "Amma baay'adhaa lafa guutaa" jedhe. Qaamni isaanii hundinuu akka isin nyaattaniif asitti diriiree ture—qaama keessan tolfadhaa. Akkasitti Inni raawwachuu qaba ture. Garuu cubbuun dhufu karoora isaa addaan kute. Isheen sirriitti kanuma irratti rolls (yeroon ni hojjeta).

122 Yesus garuu maal godhe? Waaqayyo gadi bu'ee bifa namaa, ilma namaatiin of ibse; lubbuu isaa kenne, asitti turuu dhiisee (kan Inni Mootii ture), garuu kan hafe furuuf of kenne! Ni argatta? Yeroo hunduu xumuramus, sana booda sirriitti duubatti harkifama, kaayyoon Waaqayyoos ni raawwatama. Ammas Mootiin bara baraa kan bitamtoota isaa bara baraa foon namaatiin ibsaman jira. Sirriitti akkaataa itti ta'e. Cubbuu's fudhate. Seexanni badee jira. Hundi isaa amma raawwatameera.

123 Maal godha?

Lafti kun amma bakka samiin taa'u ta'uu hin dandeenye. Mee ilaalaa —cubbuu. Qulqulleessuun dirqama ta'a. Dhiirri kamiyyuu, namni kamiyyuu, dubartiin, gurbaan, intalli kamiyyuu—eenyu akka ta'e na hin dhibu—hafuura Qulqulluudhaan osoo hin guutamin, minjaala irra deemuudhaaf, ykn illee Kiristaana ta'uu koo himachuuf ga'umsa hin qabu! Irbaata Gooftaa ykn irbaata ykn miila dhiqachuu ykn waanuma fedhe, hanga ibidda qulqulluu Waaqayyootiin qulqullaa'utti mirga hin qabdu.

Namni kamiyyuu akkuma Musee lafa qulqulluu sana irratti achi keessaa yoo isa qunname malee lallabuuf mirga hin qabu; utubaa ibiddaa sana achitti fannifame, bakka inni akka jiru beeku, argi.

124 Amma hubadhu, akkamitti akka deemnu. Erga ibidda addunyaa cuuphaan (jarmiin hundi bade) booda samiin as lafa irratti akka jiraataniif bakka mijataa taasisa. Type amma Kiristoos Yesuus keessatti iddoowwan samii taa'ee jira. Xuraa'aa kana irraa darbe (akkuma dubartii xiqqoo sun turte)—gara amala Waaqayyoo ibsametti. Amma nuti ilmaan Waaqayyooti-nuti hin taanu. Nuti amaloota yaada Waaqayyooti. Ilaaluu?

125 Amma ati, "Eeyyee, luba kana ilaali; ilma Waaqayyoo mitii?" Akkas akka hin taane mirkaneesse; maal adda baasuu dadhabe? "Macaafa Qulqulluu nan amana" jedhee turee? Hubadhaa, garuu Dubbii sa'aatii ibsame adda baasuu hin dandeenye. Garee isa dura deebi'e tokko irraa barumsa sammuu qofa qaba ture. Har'as kanuma. Ilaaluu? Sun cimaa akka ta'e nan beeka garuu dhugaadha. Dubbiin jira, akkuma guyyaa sanaaf sirriitti dubbatame, innis.... Ta'us hayyuu ture; ta'us, nama beekamaa ta'us adda baasuu hin dandeenye. Maalif? Hayyuu hammam haa ta'u, waan akkasii kamiyyuu, ammallee bakka bu'ummaa dursee murtaa'e hin qabu ture. Ilaaluu? Kan dursee murtaa'e qofatu isa raawwatu qofa ta'a. Qofa ta'uu danda'a. Ati immoo kana gochuu kan dandeessu sababni isaas—ilaali, dursee murtaa'uu mirkaneessa, 'sababni isaas yoo jireenya bara baraa argatte, yeroo hundumaa qaama Waaqayyoo ta'uu qabda turte 'sababni isaas Inni tokkicha bara baraa waan ta'eef. Argitaa? Yaa koo, itti yaadi!

126 Amma waan bara kuma guddaa keessa ta'u ilaalaa.

Cubbuun hundinuu badeera; millennium now set in. Yeroon jira amma Hafuurri Qulqulluun akkuma nu keessa jiru bakka isaa qabatu. Du'a irraa gara jireenyaatti darba. Kiristoos keessatti iddoowwan samii keessa jiraachuun fuula isaa ulfina qabeessa ta'een, duuti foonii illee yeroo sanatti ni darba, akkuma amma du'a hafuura darbe. Qulqulluu Waaqayyoo cuuphame tokkoof amma du'a hafuura jedhamu hin jiru. "Inni du'us in jiraata. Namni jiraatee Anatti amanu hundinuu yoomiyyuu hin du'u." Caaffata Qulqullaa'oo hunda, raawwatamuu qaba. Du'uu hin dandeessu. Jireenya bara baraa argatte. Tokkicha, Furiin akka beektu si godheera, yeroo hundumaas akkas turte. Sababni ati guyyaa keessa jiraattu argituufis kanaafi. Meqatu argu; harka kee ol kaasi! Galatoomaa. Ilaaluu? Guyyaa nuti keessa jiraannu, ati ni beekta.

127 Amma Meetodistiin, "Yeroo iyyitu argatte" jedhe. Baay'een isaanii iyyan hin qaban turan. Warri Pheenxeqosxee, "Afaan biraa yommuu dubbattu argatte" jedhan. Hedduun isaanii arrabaan dubbatu malee hin qaban turan. Fariisonni sun akkamitti bifa gosa hundumaa akka qaban ilaalaa, garuu yeroo Sagalichi mul'atu hin beekne. Ilaaluu? Yoo ati misirroo taate immoo.... Misirroon qaama abbaa manaati. Akkasumas yoo—bakki ati yoomiyyuu beektu, kutaa abbaa warraa sanaa, Dubbii sanaa, ati akkamii akka taate adda baasuu qofa, ykn misirroo ta'uu kee adda baasuu hin dandeessu. Meeqatu sana argu? Argitu ejjennoo kee beekuu qabda.

128 Kan nama biraa adda baasuu hin dandeessu.

Museen ergaa Nohi qabatee yoo dhufe, Nohi immoo qaama ergaa kanaa yoo ta'e hoo? Garuu silaa hin hojjetu ture. Osoo Yesus ergaa Musee qabatee dhufee hoo? Silaa hin hojjetu ture. Ilaaluu? Bara adda ta'e ture; raajii adda ta'edha. Kutaan Dubbichaa adda ta'e achitti raawwatamuu qaba ture. Torban keessaa guyyaa biraa keessa turan. Hojiin Kibxataa miti Roobii hojjetamuu hin danda'u. Wednesday's got to be done on Roobii, ilaalaa. Dilbata hojii Dilbataa ta'uu qaba, ilaalaa.

isaanis addaan baafachaa turan. “Yaa Musee—Musee qabna.”

Innis “Osoo Musee beekta ta'ee Ana beekta” jedhe, inni waa'ee isaa dubbate waan ta'eef. “Waaqayyo gooftaan keessan raajii ana fakkatu in kaasa.” Yaada argatte? Yaa koo! Argi egaa Yesus Yohaannis 14 irratti akkas jedhe, “Yeroo Inni, Hafuurri Qulqulluun dhufu wantoota kana yaadannoo kee keessa ni fida (argi?), guyyaa kam keessa akka jiraattu sitti agarsiisa. Achiis waan biraa ati ittiin isa beekta , Waan dhufu sitti agarsiisa.” Ilaaluu? Ammas gara raajiitti deebi'a—“Yeroo Inni dhufu.” Ilaaluu?

129 Lafa haaraa keessatti samiin haaraan lammata hin gurraacha'u. Yeroo lafti haaraan kun dhufuuf jirtu seexanni ni hidhama. Seexana, amma iyyuu hiikamee jira; himataadha, garuu lafa haaraa keessatti, hidhamee haroo ibiddaatti, ibidda qulqulluu kana keessatti ni gatama.

130 Egaa lafa haaraa kana keessatti—amma daqiiqaa muraasaaf haa ilaallu.

Lafa haaraa kana keessatti samiin lammata hin gurraacha'u. Lakki, sun abaarsa irraati-duumessa aarii qabuun lammata hin gurraacha'inaa! Qilleensi lammata akkasitti ishee keessa hin bubbisu. Lakkii yoomiyyuu muka ciccirtee mana ciccirtee wantoota hin garagalchitu. Balaqqeessaa fi dheekkamsi gonkumaa Seexana irraa achi gama belch'ee nama karaa irra deemaa jiru ajjeesee ykn gamoo hin gubu. Ilaaluu? Lakki, kana booda hin jiru. Kana booda obomboleettiin gadi bu'ee obomboleettii fi obomboleettii fi obomboleettii fi mana diiguu fi ijoollee xixiqqoo fi wantoota ajjeesuu hin jiraatu. Unh-uh, kana booda hin ta'u. Balleessuuf yaaluun, hin jiraatu. Seexanni ni gatama.

Amma yeroo osoo qabaannee natti tola; Amma Caaffata Qulqullaa'oo qofa dabarsaa waanan jiruuf yeroon booda hin dabarru.

Dhukkubsattootaaf kadhachuu danda'eera.

131 Samii fi lafti wal arganii jiru. Waaqayyo fi namni ni araarama. Eden deebi'ee ijaarame jalqabeera, ilaali. Abaarsi hundinuu badeera, akkuma abaarsi cubbuu hunduu yeroo Hafuurri Qulqulluun si fudhatu bade. Argitu hin fudhattu; si fudhata ('amala Waaqayyoo waan ta'eef; ilaali, yoo Hafuura Qulqulluu ta'e, Hafuura Waaqayyoo jechuudha, amalli isaas, yaadni Waaqayyoo si fudhateera), sababni isaas ati kaayyoo sanaaf muudamteetta.

Argi, ammas ati cubbuu keessatti dhalatte, garuu Waaqayyo amala sana qaba ture, kunoo ati immoo as lafa irratti of ibsite, Innis gadi bu'ee si argata. Asitti deebi'uu kee ilaalaa; bakki ati kan kee kunooti. Argitee, argitee? Cubbuun humna dhabe. Sirriidha. Fedhiin cubbuu garaa kee keessaa ba'eera, yeroo Hafuurri Qulqulluun seenu Ati nama deebi'ee argamedha.

132 Achiis yeroo lafti waanuma wal fakkaatuun deebifamtu, kana booda abaarsi, obomboleettii, qilleensi, taphoon kana booda jiraachuu hin danda'u—tafoonin caalaa; araaramtee jirta. Namaa fi Waaqayyo wal arganii jiru.

